

SAKATTA'A WALSIMANNA QABIYYEEWWAN SIILABASII
BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 1-4FI DANDEETTII
BARATTOOTAA GIDDUUGALEESSA GODHACHUUN.

BAL'ISAA NAGAROO

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJIINAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,

JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE

AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

HAGAYYA 2009/2017

FINFINNEE

SAKATTA'A WALSIMANNA QABIYYEEWWAN SIILABASII
BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 1-4FI DANDEETTII
BARATTOOTAA GIDDUUGALEESSA GODHACHUUN.

BAL'ISAA NAGAROO ISATAA

GORSAA: OBBOO DINQEESSAA DHEERESSAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOOFI OGBARRUU BARSII SUUN GAMISAAN
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUF
FOOKLOORIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJIINAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII,

JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE

AFAAN OROMOO, OGBARRUUF FOOKLOORII

HAGAYYA 2009/2017

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Addis Ababaa (Finfinnee)

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun guuttachuuf Bal'isaa Nagaroo, mata duree “Sakatta'a walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuun ” jedhuun qophaa'e, sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa muummee ykn qindeessaa Digirii lammaffaa (MA)

Axereera

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuusaa sakatta'uudha. Qorannichis adeemsa raawwii adda addaa keessa kan darbedha. Bifuma kanaan odeeffannoon qorannoo kana keessatti madda ragaa ta'e, madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaati. Akka madda ragaa tokkoffaatti kan dhiyaate, sanada yookaan meeshaa barnoota sakatta'amu siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiruudha. .Akkasumasakka madda ragaa lammaffaatti kan dhiyaatan immoo, barsiisotaafi barattoota mana barumsa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 Fiichee daree Afaan Oromoo seenanii barsiisaniifi barataniidha. Akkasumas, ragaa daawwannaa dareerraa argamedha. Tooftaalee funaansa ragaalee kanneen akka, sakatta'a sanadaa, afgaaffiifi daawwannaa daree filachuun gaggeeffameera. Malli iddattoo qorannoo kanaas, mala iddatteessuu akkayyootti fayyadamuun gaggeeffameera. Bifuma kanaan qoratichi iddattoo barsiisotaa baay'ina dhiira afuriifi dhalaa sagal ida'ama kudha sadii keessaa barsiisota dhiiraa afuriifi barsiisota dhalaa sadii ida'ama torbaafi iddattoo dareewwan daawwatamanii baay'ina daree kudha sadii keessaa afur mana barumsa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 Fiichee keessatti argamu irratti xiyyeeffachuun adeemsifameera. Akkaataan xiinxala ragaalees mala akkamtaa ta'ee, yaada isaa ibsuun kan adeemsifameedha.. Qabxiwwan argannoo qorannoo kanaas Qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru dandeettii barattootaa waliin hanga tokko kan walsimudha. Hanqinoonni qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti mul'atan: tartiibaan dhiyaachuu dhiisuu qubeewwan (sagalee dubbii) Afaan Oromoo, qubeewwan (sagaleewwan dubbii) dubbachiiftuufi dubbifamaa Afaan Oromoo adda baasee dhiyeessuu dhiisuu, yaada dogoggora qubee haaraa uumuu jedhuufi dogoggora akkaataa sagaleesuu sagalee dubbii (qubeewwan) Afaan Oromoo jedhu fa'itu hubatama.Yaadni furmaataa qorannoo kanaas, Hayyoonni Oromoofi qaamni baratee, dhimma kanarratti hubannoofi fedhii qaban qorannoo gadifageenyaa osoo irratti gaggeessan gaariidha.Qubeen (sagaleen dubbii) Afaan Oromoo sammuu uummata Oromoo keessatti kan bocamee jiru tartiiba A, B, C, D, ... Z jedhuudhaan waan ta'eef qopheessitoonni meeshaalee barnootaa waan kana xiyyeeffannoo keessa osoo galchani sirreessan dansaadha.Hojiin sirna barnootaa waan hedduun waan walqabatuuf kaayyoon isaa yommuu jijjiiramu barumsa hawaasummaa, diinagdeefi siyaasa jiruun yookaan dhimma hawaasaafi tajaajila hawaasaa irratti hundaa'ee osoo qophaa'e dansaadha.

Galata

Duraan dursee waan hunda dabarsee sadarkaa kanaan kan na gahe Waaqaaf galanni haa gahu. Itti aansuudhaan mataduree qorannoo kanaa irratti akkan hojjedhu gorsaafi jajjabina kan naaf kenneef,akkasumas jalqabaa kaasee hanga xumuraatti gorsaafi deggarsa cimaa kan naa taasisseef gorsaa koo Obbo Dinqeessaa Dheeressaaf galanni koo daangaa hin qabu. Itti aansuun mana maxxansaa salaaleetiif gargaarsa isaan naa taasisaniif galannii koo daangaa hin qabu. Dhumarrattis haadha warraa koo kan taate Mabraat Shifarraa Tolchaatiif hubannoo dabalataafi jajjabina naa kennaa turteef guddaan galateeffadha.

Jibsoo

Jechootaafi gaaleewwan kanaan gadii hiikuun kan barbaachiseef dubbistoonni qorannoo kanaa muuxannoofi hubannoo adda addaa qaban yommuu dubbisan gufuu akka itti hin taanee yaadameeti.

Jecha

Hiika

Addaan qoqqooduu----- Qaamolee walitti jiran hundee jechaafi fufiileetti addaan baasuu.

Afgaaffii----- Gaaffii afaaniin gaafatamee afaaniin deebi’u.

Nanhojjedha----- Gocha barsiisaan ofii isaatii hojjetee barattootaaf fakkeenya ta’uun agarsiisu.

Nihojjenna----- Hojii barsiisaafi barattoonni waliin hojjetan agarsiisa.

Nihojjettu----- Hojii barattoonni dhuunfaan yookaan gareen hojjetan agarsiisa.

Qubeewwan----- Mallattoo (bakka bu’aa) sagalee afaan tokkoo.

Raaguu----- Dursanii tilmaamuu

Sagalee (dhamsaga)----- Sagaleewwan mallattoolee barreeffamanii waliin hidhata qaban.

Tumsa----- Gargaarsa

Walitti Makuu----- Qaamolee addaan ba’anii jiran fakkeenyaaf hundee jechaafi fufiilee walitti fiduun jecha ijaaruu.

Walsimannaa----- Walunannaa

Dhihaatina----- Approach

Dirree barnootaa----- Field of education

Leeccalloo----- Resources

Unkaa Mirkaneeffannaa----- Checklist

Gabaajewwan

A.L.H- Akka Lakkoofsa Habashaatti

EGRA- Early Grade Reading Assessment

HDH- Hubannoo Dhamsagaa

HQDH- Hubannoo Qubdhamsagaa

READ’ TA- Reading for Ethiopian Assessment Development Technical Assistant

USAID- United States Agency for International Development

Baafata

Qabiyyee	Fuula
<i>Axereera</i>	i
Galata	ii
Jibsoo	iii
Baafata	iv
Baafata Gabateewwanii	vii
Boqonnaa Tokko	
Seensa	1
1.1. Ariirrata Qorannichaa.....	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa	4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa	5
1.4. Faayidaa Qoranniichaa.....	5
1.5. Daangaa Qorannichaa	6
1.6. Hanqina Qorannichaa	7
Boqonnaa Lama	
Sakatta’a Barruu.....	8
2.1. Sakatta’a Barruu Yaadrimee	8
2.1.2.Meeshaalee Sirna Barnootaa	11
2.1.2.1. Maalummaa Siilabasii	15
2.1.2.1.1.Gahee Siilabasiin Sirna Barnootaa Keessatti Qabu	17
2.1.2.1.2.Qaamolee Siilabasii	18
2.1.2.1.3.Siilabasiin Yommuu Qophaa’u Wantoota Xiyyeeffannaa Keessa Galan	20
2.1.2.1.4.Qophii Sirna Barnootaa Keessatti Barbaachisummaa Walsimannaa Qabiyyee Meeshaalee Barnootaa Dandeettii Barattootaa Waliin Qabu.....	23

2.1.2.2.Maalummaa Kitaaba Barataa.....	27
2.1.2.3.Maalummaa Qajeelcha Barsiisaa.....	27
2.2. Sakatta’a Barruu Walfakkii.....	28
Boqonnaa Sadii	
Saxaxaafi Mala Qorannoo.....	29
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	29
3.2. Madda Ragaalee.....	30
3.3. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo.....	30
3.3.1.Sanada (Dokumentii).....	30
3.3.2.Afgaaffii.....	30
3.3.3.Daawwannaa Daree.....	31
3.4. Iddattoofi Mala Iddattoo.....	31
3.4.1.Iddattoo Siilabasii.....	32
3.4.2.Iddattoo Dareewwanii.....	32
3.4.3.Iddattoo Barsiisotaa.....	32
3.5. Malleen Xiinxala Ragaalee.....	33
Boqonnaa Afur	
Xiinxala Ragaalee.....	34
4.1. Duubee Odeeffkennitootaa.....	34
4.1.1.Duubee Siilabasichaa.....	34
4.1.2.Duubee Barsiisotaa.....	35
4.2. Haala Dhihaatina Gilgaalarratti Xiyyeeffate.....	50
4.3. Qindeeffama Siilabasichaa.....	52
4.4. Koornaayaafi Hirmaannaa Fayyadama Afaaniirratti.....	53
4.5. Tariibaan Dhiyaachuu Dhabuu Qubeewwanii.....	54

4.6 Qubee Dubbachiiiftuufi Dubbifamaa Adda Baasuu Dhabuu.....	57
4.7. Dogoggora Qubee Haaraa Uumuu.....	58
4.8. Dogoggora Akkaataa Sagaleessuu Qubeewwan Afaan Oromoo.....	60
Boqonnaa Shan	
Guduunfaa, Argannoofi Yaboo.....	61
5.1. Guduunfaa	61
5.2. Argannoo	63
5.3. Yaboo	64
Wabiilee	
Dabalee AAfgaaffii Barsiisotaan deebi’u	viii
Dabalee BGAaffiilee Daawwannaa Dareef Dhiyaatan	x
Dabalee CMAqaa Namoota Odeeffannoo Kennanii.....	xiii

Baafata Gabateewwanii

Gabatee 1: Qabiyyeewwan Siilabsii Dandeettii Afaaniirratti xiyyeeffatan	36
Gabatee 2: Qabiyyeewwan siilabsii Beekumsa Afaaniirratti Xiyyeeffatan	40
Gabatee 3: Seera Madaallii Siilabsii.....	43
Gabatee 4: Tooftaalee Baruu barsiisuu Siilabsichaa	48
Gabatee 5: Hanqinoota Qabiyyeewwan Siilabsii	54

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1. Ariirrata Qorannichaa

Waggoota muraasa asitti Afaan Oromoon afaan barnootaafibarnoota afaanii ta'uun tajaajilaa jira. Kunis beektonniafaanii qopheessitoota meeshaalee barnootaa waliin walta'uun meeshaalee barnootaa kanneen akka siilabasii, qajeelcha barsiisaafi kitaaba barataa Afaan Oromootiin qopheessanii adeemsi baruu barsiisuu kangageeffamaa jirudha. Yeroo ammaa kanas, Afaan Oromoon manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi kolleejjota barsiisota Oromiyaa keessatti akka akaakuu barumsaattiifi Afaan barnootaatti, akkasumas manneen barnoota sadarkaa lammaffaa keessatti akka akaakuu barumsa tokkootti yookaan barnoota afaaniitti baratamaa jira.

Haaluma kanarraa kan ka'e, yeroo ammaa kana akka naannoo Oromiyaatti barnoonni Afaan Oromoo sirni barnootaa qophaa'eefii adeemsi baruufi barsiisuu gaggeeffamaa jira. Kun immoo barattoonni barnoota haala qabatamaa naannoo isaanii waliin walqabsiisanii akka baratan isaan gargaara.

Kanaaf sirni barnoota afaanii yommuu qophaa'u kaayyoo, qabiyyee, mala, meeshaalee, beekumsaafi dandeettii barattootaa irratti hundaa'ee kan qophaa'uudha. Kana ilaalchisuun Richards (2001:2) akka ibsutti:

Language curriculum is an aspect of a broader field of educational activity known as curriculum development or studies. Curriculum development focuses on determining what knowledge, skills, and values students learn in schools, what experiences should be provided to bring about intended learning outcomes, and how teaching and learning in schools or educational systems can be planned, measured, and evaluated. Language curriculum refers to the field of applied linguistics that addresses these issues.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, sirni barnoota afaanii gochaawwan bal'aa dirree barnootaa ta'ee, babal'ina yookaan qorannoo sirna barnootaati. Babal'inni sirna barnootaas kan inni irratti xiyyeeffatu kanneen akka beekumsaa (knowledge), dandeettiifi (skills) bu'aa (value) barattootaa mana barumsaatti barataniin, muuxannoo maaliin yookaan akkamiin hojiirra oolmaa isaafi barnoota keessatti haala baruufi barsiisuu mana barumsaa keessatti tooftaa akkamiin: karoorfame, safarameefi madaalame kan jedhu of keessatti qabata.

Sirni barnoota afaanii caacculee (element) ijoo qaba. Isaanis: kaayyoo, qabiyyee, tooftaafi madaalliidha. Kunis kan irratti xiyyeeffatu tolfama gooroowwan gurguddoo afaan barachuu, kaayyoo barachuufi muuxannoo, madaalliifi gahee walitti dhufeenya barsiisotaafi barattootaati.

Kanaafuu sirni barnootaa yommuu qophaa’u imaammata barnoota biyyattiirraa madda. Bifuma kanaan meeshaaleen barnootaa kun sadarkaa isaanii eegani dhimma baruu barsiisuuf tajaajilan bu’uura godhachuun kan qophaa’aniidha. Sirna barnootaa keessatti meeshaalee barnootaa keessatti hojii baruu barsiisuu galmaan ga’an keessaa baay’ee barbaachisaa kan ta’an, siilabasi barnootaa qajeelcha barsiisaafi kitaaba barattootaati. Siilabasiin kaayyoowwan galma gahuu qaban, qabiyyeewwan kaayyoowwaniif ta’uu malan, wayitiilee qabiyyeewwaniif ramadaman, tooftaafi mala dhihaatina barnootaafi tooftaa madaallii hojii barnootaaf bifa ifa ta’een qophaa’ee kan dhiyaatuudha. Siilabasiin adeemsa baruu barsiisuu keessatti karaa nuti kaayyoo keenya bira geenyuudha. Kanaaf siilabasiin karooraadha. Kunis karoora barsiisnuufi wanta ijoolleen barataniidha. Kana ilaalchisuun Breen (1989:47) akka siilabasi ibsutti, “... a plan of what is to be achieved through our teaching and our students’ learning. It is a part of an overall language curriculum or course which is made up of four elements: aims, contents, methodology and evaluation” jedha.

Akka barruu kanarraa hubannutti, kaayyoo keenya bira ga’uuf adeemsa baruu barsiisuu keessatti siilabasiin karoora sirna barnootaati. Kunis, caacculee afur irratti kan xiyyeeffatedha. Isaanis: kaayyoo, qabiyyee, malaafi madaalliidha. Kanaafuu, siilabasiin akaakuu barumsa tokkoof kaayyoowwan fiixa (galma) gahuu qaban, qabiyyeewwan kaayyoowwaniif ta’uu malan, wayitiilee qabiyyeewwaniif ramadaman, tooftaafi mala dhihaatina barnootaafi tooftaa madaallii hojii barnootaaf bifa ifa ta’een qophaa’ee kan dhiyaatuudha.

Dabalataanis, siilabasiin Afaanii bu’uura dandeettiifi fedhii barattootaa gidduugaleessa godhachuudhaan kan dhiyaachuu qabudha.

Kana ilaalchisuun, Richards and Schmidt (2010) akka ibsanitti, “Language teaching syllabus can have their bases on such different criteria as grammatical items and vocabulary, the language required for different types of situations, the meanings that underline different language behavior or the text types language learners need to master” jedhu.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, siilabasiin barnoota Afaanii bu'uura ulaagaa adda addaa kanneen seerlugaafi hiika jechootaa afaan keessatti haala garaagaraan mul'achuun hiikni jala sararame amala afaanii adda addaa yookaan barreeffama adda addaa fedhii barattootaa kan guutuudha.

Siilabasiin barnootaa kun imaammata barnootaa biyyattii irratti hundaa'uun waan qophaa'uuf waan inni of keessaa qabu hubachuun barbaachisaadha. Qabanni isaas siilabasiin karoora sirna barnoota afaanii waan ta'eef dandeettiifi fedhii barattootaa gidduugaleessa godhachuudhaan kan qophaa'uudha. Kanaaf, kitaabni kun kan qophaa'e akka ragaan siilabsicharraa (2006:I) gubbatti ibsutti deeggarsa maallaqaafi teeknikaa ummata Ameerikaarraa karaa dhaabbata 'USAID'tiin (United States Agency for International Development) argameen walta'insa hojii qophii siilabasichaarratti kanneen hirmaatan miseensota Afaan Dhalootaa digdamii sadiifi ogeessota sirna barnootaa ministeera barnootaa, eksipertoota biiroolee barnoota naannoofi ogeeyyiiwwan 'READ TA'tiin (Reading for Ethiopian Assessment Development Technical Assistant) filataman kan qophaa'eedha. Isaanis leenjiiwwan adda addaa irratti gadfageenyaafi bal'inaan hirmaataniiru; Itiiyoophiyaa keessatti qorannoowwan gaggeeffaman: EGRA (Early Grade Reading Assessment), qorannoowwan biyyoolessaa, gabaasota qorannoo siilabasii Afaan dhaloota irratti gaggeeffaman sakatta'aniiru. Akkasumas qindoomina qabiyyee Afaan dhaloota, dandeettii barnoota isa xiqqaa (Minimum learning competencies)fi siilabasii Afaan dhalootaa kutaalee 1-8 jiran madaalaniiru; siilabasii isa fooyya'e kutaa 1-4 fi kutaa 5-8'tiif qopheessaniiru. Kanaaf, miseensonni Afaan dhaloota 23fi ogeessonni sirna barnootaa, ministeerri barnootaa, eksipeertoanni biiroolee barnoota naannoofi ogeeyyiiwwan 'READ TA' (Reading for Ethiopian Assessment Development Technical Assistant) walta'uun sirna barnootaa bara 2006 A.L.H'tti (Akka Lakkoofsa Habashaatti) Afaan Oromootiin siilabasii qopheessanii, akkasumas kitaabilee barnootaa maxxansiisee akka manneen barnootaa keessatti ittiin baratamu ta'ee jira. Afaanichi afaan barnootaafi barnoota afaanii ta'ee tajaajila bal'aa kennaa jiru kun sirni barnootaa diriireefii, meeshaaleen barnootaa yeroo ammaatti qophaa'eeffii jiru kanaan haalli walsimannaa dandeettiifi fedhii barattootaa qabiyyeewwan siilabasii barnootaa kanaan maal akka fakkaatu sakatta'uun rakkoo mul'ate ibsuun guddina afaaniitiif faayidaa guddaa qaba. Dabalataanis, qabiyyeewwan siilabasii kana sakatta'uun hanqinoota dandeettiifi fedhii barattootaa waliin walsimannaarratti isaan qaban eeruun fooyya'insa qophii siilabasii fuulduraatiif barbaachisaa waan ta'eeffii.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Siilabasiin sirna barnootaa keessatti meeshaa isa bu'uuraa kan ta'edha. Kunis karoora wanta barsiisonni barsiisaniifi wanta barattoonni barataniiti. Meeshaan barnootaa kunis dandeettiifi fedhii barattootaa giddugaleessa godhachuudhaan kan qophaa'uudha. Siilabasiin kun yommuu qophaa'u akkuma ariirrata keessatti ibsame, kaayyoowwan galma gahuu qaban, qabiyyeewwan kaayyoowwaniif ta'uu malan, wayitiilee qabiyyeewwaniif ramadaman, tooftaafi mala dhihaatina barnootaafi tooftaa madaallii hojii barnootaaf bifa ifa ta'een qophaa'ee kan dhiyaatudha.

Meeshaan barnootaa kun bara 2006 A.L.H.'tti qophaa'ekun sadarkaa adda addaa keessa darbee hojiirra oolee jira. Adeemsi baruu barsiisuu yeroo yerootti sakatta'amee waan fooyya'uu qabuuf, barsiisonni siilabasiwwan kanneenitti fayyadamaa turaniifi fayyadamaa jiraniifi barattoonni siilabasi kanneenitti barachaa jiran, haala walsimannaa qabiyyeewwan siilabasi kanaafi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuusaa sakatta'uun fooyya'insa fuulduraatiif yaada ibsuun yookaan odeeffannoo si'anaa kennuun hojii baruu barsiisuuf haala mijataa uumuufi barnoota Afaan Oromoo qabatamaa taasisuurratti gahee olaanaa qaba waan ta'eefiidha.

Kanaafuu, qabiyyeen, malli baruu barsiisuu, tooftaan madaallii, dandeettiwwan Afaanii, siilabasicha keessa jiran dandeettii barattootaa kutaa 1-4'tti Afaan Oromootiin barachaa jirani osoo wal hinsimatiin jira taanaan kaayyoo siilabasicha keessatti kaayame waliin hindeemne waan ta'eef, barattoonni haala kaayyoo siilabasi keessatti ibsameen waan hubannoo argachuu qaban osoo hin argatiin hafuu danda'u jechuudha.

Kun immoo, dandeettiwwan barattoonni gabbifachuu qabaniifi fedhii isaan barbaadan irratti hanqinni mudachuurra darbee gahuumsa isaaniirratti dhiibbaa uuma. Kanaaf, barsiisonniifi seekterri barnootaa hojii sirna barnootaa galmaan gahan siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiran kutaa kutaadhaan dandeettii barattootaa waliin walsimachuusaa sadarkaa tokkorraa sadarkaa itti aanuutti jijjiirama jiru hagam galmeessaa adeemaa akka jiraniifi qabiyyeewwan bocaman dandeettii barattootaa waliin walsimannaan deemuu isaanii qoratiichi gadi fageenyaan xiinxalee adda baasuun ciminaafi hanqina jiru adda baasee eeruuf mataduree kana filatee jira.

Waan kana ta'eef, qoratiichi qorannoo kana yeroo gaggeessutti gaaffilee bu'uuraa qorannichaa kanaan gaditti eerameef qorannoon kun deebii ni kenna jedhee amana.

- Qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessa jiran maalfa'i?
- Qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 dandeettii barattootaa waliin hagam walsimata?
- Hanqinoonniifi ciminoonni qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti mul'atan maalfa'i?
- Faayidaa walsimannaan qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabu maali?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa bifa lamaan ilaalama. Kunis:

Kaayyoo Gooroo: Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa giddugaleessa godhachuusaa sakatta'uudha.

Kaayyoo Gooree: Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen kanaan gadiiti. Isaanis:

- Qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessa jiran ibsuudha.
- Qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 fi dandeettii barattootaa waliin walsimachuufi dhiisuusaa adda baasuudha.
- Hanqinootaafi ciminoota qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti mul'atan agarsiisuudha.
- Faayidaa walsimannaa qabiyyeewwan siilabasiin barnoota Afaan Oromoo 1-4fi dandeettii barattootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabu ibsuudha.

1.4. Faayidaa Qoranniichaa

Qorannoon kun walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuusaa sakatta'urratti kan xiyyeeffatudha. Haaluma kanaan, bu'aan qorannoo gaggeeffamu kanaa dhimmoota siilabasii Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiran waliin kan walqabate ta'ee, qaamota kanaan gadiif fayyada jedhamee abdatama.

- Warreen siilabasii qopheessuuf fedhii qabaniif hubannoo kallattii xiyyeeffannaa isaanii adda baasuuf isaan gargaaruu danda'a.

- Waraqaan qorannoo kun ogeeyyii barnootaa siilabasi barnoota Afaan Oromooratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniifi kanneen meeshaalee barnootaa qopheessaniif ka'umsa ta'uun tajaajiluu nidanda'a.
- Namoota qorannoo siilabasi barnoota Afaan Oromoofi Afaan biroorratti gaggeessaniif madda ragaa ta'ee tajaajila.
- Barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniifi barattoota Afaan Oromoo barataniif gargaarsa ni godha.
- Fooyya'insa sirna barnootaa keessatti qooda qabachuudhaan faayidaa kenna.

Kanaafuu qorannoon sakatta'a walsimannaa qabiyyeewwan siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuun irratti gaggeeffamu kun barattoota ittiin barataniifi barsiisota ittiin barsiisaniif akkasumas ogeeyyii barnootaa siilabasi barnoota Afaan Oromoo qopheessaniifi qaamolee meeshaalee barnootaa qopheessaniif hubannaa gahaa kan kennu waan ta'eef barbaachisummaan isaa kan wal nama gaafachiisu miti.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun sakatta'a walsimannaa qabiyyeewwan siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuun siilabasi bara 2006 A.L.H.'tti qophaa'e irratti kan xiyyeeffatuudha. Siilabasiin karoora sirna barnootaa ta'ee qajeelcha barsiisaafi kitaaba barataaf yookaan barattuuf bu'uura waan ta'eef wantoota hedduu qabatee qophaa'a. Isaanis: dandeettiifi fedhii barattootaa gidduugaleessa godhachuun, sadarkaa barattootaa, dandeettiwwan afaanii (language skills), beekumsa (knowledge), kaayyoowwan, qabiyyeewwan, malaafi tooftaa baruu barsiisuu, qoqqooddii wayitiilee, meeshaa deeggarsa barnootaafi tooftaaalee madaallii barnootaa walsimsiisuun waan qophaa'uuf, kaayyoo barbaadame bira ga'uuf walsimannaa qabaachuu isaa sakatta'uun haala baruu barsiisuu keessatti walsimannaa qabiyyeewwan siilabasi barnoota Afaan Oromoo dandeettiifi fedhii barattootaa gidduugaleessa godhachuusaa siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 bara 2006 A.L.H. maxxanfamee, yeroo ammaa kana hojiirra kan jiru sakatta'uu irratti kan xiyyeeffatedha.

Dhimmi qorannoon irratti gaggeeffamu kun dhimma xiyyeeffannoo guddaan kan kennamuuf qabu waan ta'eef, mana barnootaa Afaan Oromoon itti kennamu Godina Shawaa Kaabaa hunda keessatti osoo adeemsifame baay'ee bu'aa qabeessa ta'a ture. Garuu kana gochuuf: yeroo,

humnaafi baasii guddaa waan gaafatuuf qorannoon kun kan adeemsifame naannoo Oromiyaa Godina Shawaa kaabaa Bulchiinsa magaalaa Fiicheetti mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 keessatti kan daangeffameedha. Haaluma kanaan, walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 dandeettiifi fedhii barattootaa gidduugaleessa godhachuun mana barumsaa Abdiisaa Aagaa kutaa 1-4 bu’uura godhachuun kan adeemsifameedha.

1.6.Hanqina Qorannichaa

Hanqinoonni qorannoo kanaa dhimma siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 bara 2006 A.L.H qophaa’e irratti xiyyeeffachuun kanneen akka:

- Barsiisota siilabasii kana hojiirra oolchaniif leenjiin gahaan/quubsaan kennamuu dhabuu.
- Hojiirra oolmaa siilabasii kanaaf hordoffiifi to’annoon gahaa ta’e dhabamuu.
- Hanqina raabsaa meeshaalee barnootaa kanneen akka siilabasii barnootaafi qajeelcha barsiisaa kutaa 1-4 jiru fa’i.

Sababni qorataan kun kanneenirratti hin xiyyeeffanneef qorannoon kun walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 dandeettiifi fedhii barattootaa gidduugaleessa godhachuusaa sakatta’uurratti waan xiyyeeffatuufidha.

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

2.1.Sakatta'a Barruu Yaadrimee

Qorataan tokko mataduree irratti qorannoo sirriifi bu'aa qabeessa ta'e gaggeessuuf yaada hayyootaan deeggaramuu akka qabu beekamaadha. Yaada kana ilaalchisee Yaadasaan (2008:50) irratti yommuu barbaachisummaa barruulee yoo ibsu:

Sababni barbaachisummaa raawwii sakatta'a barruulee hedduu yommuu ta'u, qorataan tokko mataduree qorannoo isaa filatee murteessuuf, yaada ka'umsaafi dursa piroojektiifi piropozaala, meeshaa funaansa ragaa qorannoo qopheessuuf, malleeniifi tooftaalee qorannichaa akeekuuf, ragaalee funaanaman qindeessuufi qaacceessuuf, argannoowwan qorannichaaf guduunfaa kennuufi kallattii yaada furmaata argannoowwan qorannichaa muldhisan eeruuf walumaagalatti, qaamaafi adeemsa qorannichaa kamiyyuu keessatti akka galmaatti fayyada.

Bifuma kanaan boqonnaa kana jalatti mataduree qorannoo kanaa kan ta'e, walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuusaa sakatta'uu jedhuun kan walqabatu qabxiwwan siilabasii jalatti argaman, hayyoota garaagaraan barreeffaman sakatta'uufi qindeessee kaa'uurratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan matadureewwan as jalatti ka'an: maalummaa sirna barnootaa, meeshaalee sirna barnootaa, maalummaa siilabasii, maalummaa kitaaba barataa, maalummaa qajeelcha barsiisaa, gahee siilabasiin sirna barnootaa keessatti qabu, qaamolee sirna barnootaa, siilabsiin yommuu qophaa'u wantota xiyyeeffannoo keessa galaniifi qophii sirna barnootaa keessatti barbaachisummaa walsimannaa qabiyyee meeshaalee barnootaa dandeettii barattootaa waliin qabu,yommuu ta'an; isaanis akka kanaan gadiitti tartiibaan dhiyaataniiru.

2.1.1. Maalummaa Sirna Barnootaa

Sirni barnoota biyya tokkoo shaakala baayyee beekamoo tahan faana deemuuf adeemsi barnootaa dammaqiinsa (Active Learning Approaches) mataduree afaan dhalootaaf taajajila.Kunis fakkeeniyota beekamoo mala barsiisuu adda addaa fayyadamuu qaba.Sirni barnootaa imaammata barnootaa irraa kan maddedha.

Sirni barnoota afaanii karoora sirna barnootaa afaanii irratti sagantaa isaa kan dubbannudha. Kunis: kaayyoo, qabiyyee, mala, meeshaalee, beekumsaafi dandeettii irratti hundaa'ee kan qophaa'uudha.

Kana ilaalchisuun Richards (2001:39) akka ibsutti,

Curriculum is a far broader concept. Curriculum is all those activities in which children engage under the auspices of the school. This includes not only what pupils learn, but how they learn it, how teachers help them learn, using what supporting materials, styles and methods of assessment, and in what kind of facilities.

Akka yaada kanarraa hubatamuutti, sirni barnoota afaanii yaadrimee bal'aa ta'e kan qabatedha. Sirni barnootaa dalagaawwan barattoonni mana barumsaa isaanii keessatti raawwataniidha. Kunis, kan namoonni, akkamitti baratu, barsiisonni akkamitti barattoota gargaaru, meeshaalee gargaarsaa fayyadamuun, haalaafi mala madaalliifi akaakuuwwan meeshaalee kamii fayyadamuun kan jedhan ofkeessaa qaba. Kanaafuu, sirni barnootaa shaakala baay'ee beekamoo ta'an faana deemuuf adeemsi barnootaa dammaqiinsa qabaachuuf fakkeeniyota beekamoo mala baruu barsiisuu dandeettiiwwan garaagaraa qabaachuu qaba. Isaanis: haala dhihaatinaa (approach), mala, tooftaa, madaalliifaa kan of keessatti qabate ta'uu qaba.

Dabalataanis, Richards and Willy (2002:70) sirna barnootaa akka kanaan gadiitti ibsu:

The term curriculum is open to a variety of definitions: in its narrowest sense it is synonymous with the term syllabus, as in specification of the content and the ordering of what is to be taught; in the wider sense it refers to all aspects of the planning, implementation and evaluation of an education of an educational program, the why, how and how well together with the what of the teaching learning process.

Akka ibsa kanarraa hubannutti, sirni barnootaa hiikaawwan adda addaa qaba. Isaanis, tokkoffaa akka ibsa gabaabaatti sirni barnootaa siilabasiif hiika kallattii kan qabudha. Kunis akka xiyyeeffannoo qabiyyeefi akka tartiiba baratamuuttidha. Inni lammaffaan immoo, akka miira ibsa bal'aatti sirni barnootaa wantota hunda kan qabatuudha. kanneen akka karoorsuu, raawwachuufi madaallii barnootaa ta'ee sagantaa barnootaa: maaliif, akkamittiifi akkam ta'ee jechuun adeemsi baruu barsiisuu maali kan jedhudha.

Haaluma walfakkaatuun I.S.P Nation and John Macalister (2010:I) gubbatti sirna barnootaa yommuu ibsan: "Curriculum, or course, design is largely a "how-to-do-it" activity that involves the integration of knowledge from many of the areas in the field of Applied linguistics, such as language acquisition research, teaching methodology, assessment, language description and materials production."

Akka ibsa kanarraa hubatamutti, sirni barnootaa irra caalaaatti kan xiyyeeffatu dalagaawwan yookaan gochaawwan beekumsa waliin walqabsiisuun “Akkamitti hojjechuun danda’ama” gama naannoo adda addaatiin karaa dirree xinqooqa hujoon. Isaan kunis: qorannoo Afaan argachuu, malawwan barsiisuu, madaallii, ibsa afaaniifi qophii meeshaalee fa’i. Kanaafuu, sirna barnootaa bocuu keessatti gochaawwan adda addaa walqabsiisamuun kan raawwatamaniidha. Isaan kunis malawwan adda addaa, tooftaalee madaallii, waa’ee afaan sanaa hubannoo keessa galchuufi qophii meeshaalee barnootaa hubannoo keessa galchuun barbaachisaadha.

Dabalataanis I.S.P Nation and John Macalister (2010:1) gubbatti akka ibsanitti,

Curriculum design can be seen as a kind of writing activity and as such it can usefully be studied as a process. The typical sub-processes of the writing process (gathering ideas, ordering ideas, ideas to text, reviewing, editing) can be applied to curriculum design, but it makes it easier to draw on current curriculum design theory and practice of a different set of parts is used.

Akka ibsa kanarraa hubatamuutti, sirni barnootaa yommuu bocamu, kan ilaalamu akka gosa dalagaa barreeffamaafi akka barbaachisummaa adeemsa qoratamuuttiidha. Akaakuun adeemsa barreeffamaa (yaadawwan walitti qabuu, yaadawwan tartiiba qabsiisuu, yaada barruudhaaf, irra deebi’uu, sirreessuu) kun sirna barnootaa qopheessuu keessatti dabalamu, garuu qophiin kun bifa salphaan bocamuun kallattiin yaaddiddama sirna barnootaa qopheessuufi shaakala adda addaa keessatti tuuta itti fayyadamuuti.

Dabalataanis, Richards, (2001:41), akka ibsutti,

The range of planning and implementation process involved in developing or renewing a curriculum” and he defines the process as focusing on “Needs analysis, situational analysis, planning learning outcomes, course organization, selecting and preparing teaching materials, providing for effective teaching and evaluation.

Akka ibsa kanarraa hubatamuutti, sirni barnootaa adeemsa sadarkaa karooraafi raawwii ta’ee, haaromsa yookaan jijjiirama sirni barnootaati.

Akkasumas, adeemsi kun kan xiyyeeffatu, fedhii sakatta’uu, haala sakatta’uu, argannoo karoora barachuu, qindaa’ina gosa barnootaa, filachuufi qopheessuu meeshaalee barsiisnuuti, dhiyeessa bu’aa barsiisuufi madaalliiti.

2.1.2. Meeshaalee Sirna Barnootaa

Meeshaalee sirna barnootaa kanneen jennu warreen adeemsa baruufi barsiisuu keessatti iddoo olaanaa qabaniidha. Isaanis kanneen akka siilabasi barnootaa, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa fa'i. Osoo jarreen kana tokko tokkoon hin ilaaliin dura warreen meeshaalee sirna barnootaa qopheessuuf gargaaran keessatti gaaffiiwwan deebii argachuu qaban ni jiraatu.

Akka Richards (2001:1) ibsutti babal'inni sirna barnoota afaanii dirree xinqooqa hujoo ta'ee, gaaffiiwwan kanaan gadii deebisuu qaba jedha.

- *What procedures can be used to determine the content of a language program?*
- *What are learners' needs?*
- *What are learners' needs be determined?*
- *What contextual factors need to be considered in planning a language program?*
- *What is the nature of aims and objectives in teaching and how can these be developed?*
- *What factors are involved in planning the syllabus and the units of organization in a course?*
- *How can good teaching be provided in a program?*
- *What issues are involved in selecting, adapting, and designing instructional materials?*
- *How can one measure the effectiveness of a language program?*

Akka yaada kanarra hubatamutti, sirni barnoota afaanii dirree xinqooqa hujoo ta'ee, gaaffiiwwan kanaan gadii deebisuu qaba.

- Qabiyyeewwan sagantaa afaanii murteessuuf tartiiba maalii fayyadamta?
- Fedhiin barattootaa maali?
- Wantoonni fedhii barattootaa murteessan maali?
- Sagantaa karoorsa afaanii keessatti fedhiin rakkoo hawaasaa maali?
- Amalli kaayyoo barsiisuu maali? Kanas akkamitti gabbifatu?
- Siilabasi karoorsuu keessatti rakkoon jiru maali? Kanas, akkamitti gabbisatu?
- Sagantaa keessatti barsiisuu gaariin akkamiin raawwatama?
- Dhimmoonni: filachuu, qopheessuufi maxxansuu qajeelfama meeshaalee keessa jiran maali?

- Galma ga'insi sagantaa barnoota afaanii akkamiin safarama?

Kanaafuu, meeshaalee sirna barnootaa keessatti kaayyoo yookaan galma meeshaalee sirna barnootaa bira gahuuf gaaffii maaliif (why) jedhu deebisuu qabna. Fakkeenyaaf Afaan Oromoon Naannoo Oromiyaatti maaliif gargaara jechuu dandeenya. Gaaffii maaliif jedhu deebisuun kun immoo meeshaalee sirna barnootaa keessatti kaayyoo keenya bira nu geessisa. Kunis Afaan Oromoon: afaan ittiin barsiisuuf, qorannoo ittiin gaggeessuuf, hojii ittiin hojjechuuf, afaan sabqunnamtii (language of media), Afaan ogbarruu, afaan saayinsiifi teeknooloojii, ittiin waliigaluuf (language of communication) faa ofkeessatti qabata. Akkasumas, meeshaalee sirna barnootaa keessatti fedhiwwan ilaalamuu qabu. Fedhiwwan kunis, fedhii mootummaa (governmental needs), fedhii maatii, fedhii barattootaa, fedhii barsiisotaa, fedhii hojjettootaa fa'i.

Dabalataanis, meeshaaleen sirnabarnootaa yommuu bocamu, fedhiin qaama qophaa'uufii sakatta'amu qaba. Fedhiin kunis, hawaasa sanarraa kan dhufudha.

Kana ilaalchisuun Peyton (1998) yoo ibsu:

Curricular cycle involves development through needs assessment, design and implementation phases. After this, outcomes are reviewed and evaluated against the original needs assessment. Needs change with societal expectations. The emphasis on different aspects varies with the participants' and teachers' perceived needs. The dynamic curriculum requires change and resource management.

Akka ibsa kanarraa hubatamuutti, marsaan qophii meeshaalee sirna barnootaa gama guddina madaallii fedhii, qophiifi raawwiiti. Kana booda, wanti argame irra deebi'ama. Akkasumas, nimadaalama kunis gama madaallii fedhii uumamaati. Fedhiin kan jijjiiramu akka hawaasni eeguuttiidha. Yaadni adda addaa gama adda addaarraa dhufe kuni fedhii hirmaattotaafi barsiisotaati. Meeshaaleen sirna barnootaa jijjiiramoo kan xiyyeeffatu jijjiiramaafi hooggansa qophii meeshaaleetiinidha.

Haaluma kanaan qophiin meeshaalee Sirna barnootaa moodeloota adeemsa keessa darbu jiraachuu qaba.

Kana ilaalchisuun, Richards (1990:8) yommuu ibsu: "In standard model of curriculum processes, curriculum planners progress systematically from needs assessment, to goals and objectives, to specification of the instructional content of the program."

Akka yaada kanarraa hubatamuutti, moodeloonni adeemsa meeshaalee sirna barnootaa, karoorsitoonni meeshaalee sirna barnootaa tooftaawwan fedhiwwan madaaluu, galmaafi kaayyoo, sagantaa murtaa'aa qajeelfama qabiyyee kan qabudha.

Dabalataanis Taba's (1962:12) irratti moodeloota adeemsa qophii meeshaalee sirna barnootaa yommuu ibsiti tartiiba torba lafa keessi. Isaanis akka kanaan gadiitti dhiyaatu.

1. Fedhii sakatta'uu
2. Kaayyoo uumuu
3. Qabiyyee filachuu
4. Qabiyyee qindeessuu
5. Muuxannoo barachuu filachuu
6. Muuxannoo barachuu qindeessuufi
7. Maaliif akka madaalamuufi sababa madaallii murteessuudha.

Kanaafuu meeshaaleen sirna barnootaa yommuu qophaa'u adeemsa keessa darbuu qabu of keessaa qaba. Fedhiwwan barattootaa adda baasnee beekuun yookaan sakatta'uun barbaachisaadha. kun immoo wanti yookaan meeshaaleen barnootaa qophaa'u haala qabatamaa naannoo isaanii yookaan aadaa hawaasa sanaa yookaan walqixxummaa saalaa gidduugaleessa godhachuun kan qophaa'uudha. Akkasumas, kaayyoo qophaa'uufii ifa godhanii kaa'uufi qabiyyee meeshaalee barnootaa keessa seenuu qaban filachuun barbaachisaadha. Qabiyyeewwaan filataman kanas, qindeessanii muuxannoo ittiin barsiifamuufi baratamuu danda'uun qopheessuudha. Dhumarratti madaaluudha.

Dabalataanis, Richards and Willy (2002:71-73) gubbatti ibsanitti moodeloota karoorsa meeshaalee sirna barnootaa ta'an sadii akka armaan gadiitti lafa kaa'u:

1. Moodela Qabiyyee- Kaayyoon barnoota moodela qabiyyee: beekumsa waliigalaa dabarsuufi beektota uumuuf kan gargaaruudha. Kunis aadaa daddabarsuufi beekumsa waliigalaa dabarsuudha.

Akka Richards and Willy (2002:71) gubbatti moodela qabiyyee ibsanitti:

The central focus of the curriculum in this model is the content of what is to be learned by, or transmitted to, the learner. In the classical Humanist tradition, the content is a valued cultural heritage, the understanding of which contributes to the overall intellectual development of the learner; and, from the point of view of epistemological objectivism, the content is knowledge which has been identified and agreed to be universal, unchanging and absolute.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, moodelli karoorsa meeshaalee sirna barnootaa qabiyyee irratti xiyyeeffatuu, qabxiin xiyyeeffannoo ijoo qabiyyee maaltu barattootaan baratama yookaan barattootaaf darba. Barsiifata namoota durii keessatti moodelli qabiyyee bal'aa aadaa daddabarsuu, hubannoo beektotaaf kennuu keessatti akka waliigalaatti barattootaaf gargaarsa kan taasisuufi qabxii kaayyoo ergaa qabu qabiyyee beekumsa adda baasuufi wanta waliigalaaf kan deeggaruudha.

Dabalataan Kelly (1989:45) gubbatti moodela qabiyyee irratti xiyyeeffatu yommuu ibsu: “The model is inadequate as the basis for curriculum design because it is unable to cope with a discussion of the wider purposes of education, does not take into account the abilities or problems of the individual learners or the complexities of the learning process itself” jechuun ibsa. Akka yaada kanarraa hubatamuutti moodelli kunmeeshaalee sirna barnootaa qopheessuu keessatti guutuu kan hin taanedha. Sababiin isaas kaayyoo bal'aa barnootaa keessatti mari'achuuf kan hin danda'amneedha.

Akkasumas ga'umsa keessattiifi rakkoo dhuunfaa barattoota keessa galuuf kan hin fudhatamneefi adeemsa barachuu keessatti walxaxaa kan ta'eedha.

2. Moodela Kaayyoo (Haaromsa sirna barnootaa)- Haaromsi meeshaalee sirna barnootaa kun kan xiyyeeffatu bifa walqixa ta'een hawaasa hundaaf barumsi akka kennamuu qabu kan deeggaruudha. Meeshaaleen sirna barnootaa duraan ture hawaasa hundaaf bifa walqixa ta'een barnoota tamsaasaa waan hin turreef, haaromsitoonni kun isa kana mormuudhaan hawaasni hundumtuu bifa walqixa ta'een barumsa akka argatan haala mijeessan.

Haaromsa meeshaalee sirna barnootaa kana keessatti kan barbaadame jijjiirama hawaasaafi namni hundumtuu ilaalcha walqixa akka qabaatuudha. Akkasumas, haaromsi meeshaalee sirna barnootaa kun siilabasii keessattis kaayyoo gidduugaleessa kan godhateedha.

Hojiin meeshaalee sirna barnootaa waan hedduun waan wal qabatuuf kaayyoon isaa yommuu jijjiiramu barumsa hawaasummaa, diinagdeefi siyaasa jiruun walsimachuu qaba. Meeshaaleen Sirna barnootaa dhimma hawaasaafi tajaajila hawaasaa irratti hundaa'ee waan dhugaa mul'isa.

3. Moodela Adeemsaa- Kaayyoon moodela kanaa inni ijoon namoonni akka ofitti amanamummaa horataniifi of danda'an kan taasisuudha.

Meeshaalee sirna barnootaa warreen adeemsa baruufi barsiisuu keessatti nu tajaajilan kanneen akka siilabasii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaafi kan kana fakkaataniidha.

2.1.2.1. Maalummaa Siilabasii

Siilabasiin meeshaalee barnootaaf akka karooraatti kan gargaaruudha. Kunis bifa ifa ta'eefi sadarkaa isaa eeggateen kan qophaa'uudha. Akkasumas, ulaagaawwan qaama raawwatuun kan qophaa'uudha.

Kana ilaalchisuun, Richards (1990:10) irratti siilabasii akka ibsutti:

A syllabus is essentially a job specification, and as such it should set out clearly and precisely what is to be done, and the standards or criteria to be met by those who do it. If seen in this light, arguments as to the relative merits of notional, situational, topic based syllabus, etc. are no more sensible than arguments as to whether the specifications in a construction contract should cover the foundations, or the steel framework or the concrete or the glass or the interior design etc.

Akka ibsa kanarraa hubatamuutti, siilabasiin hojii tokko ibsuuf baay'ee barbaachisaa kan ta'eedha. Akkasumas, kan qophaa'uu bifa ifaafi hojjetamuu danda'uuniifi sadarkaa yookaan ulaagaa qaama raawwatuun kan qophaa'uudha.

Kunis yaadaaf, haalaaf, matadureef siilabasii fayyadudha. Yaadni kunis, ibsa hundeeffama siilabasii bifa gaarii ta'een kan qindeeffame yommuu ta'u yookaan firem workii (framework) ittiin qophaa'u qabaachuu qaba.

Bifuma walfakkaatuun, Hutchinson and Waters (1987:80) siilabasi yommuu ibsan: “A document which says what will or at least what should be learnt.” jedhu. Ibsa kanarraa kan hubannu, siilabasiin dokumetii maal akka barattu yookaan maal akka baratte kan ibsuudha.

Akkasumas Adeemsa baruu barsiisuu keessatti galma ga’insa barnootaaf siilabasiin gahee guddaa qaba. Sababiin isaas siilabasiin karoora barnootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti raawwatamuudha. Yaada kana ilaalchisuun akka hayyuun Breen (1989:47) gubbaatti ibsutti: “ A syllabus is a plan of what is to be achieved through our teaching and our students’ learning.” Akka yaada kanarraa hubatamutti, siilabasiin adeemsa baruufi barsiisuu keessatti karoora maaliitu akka raawwatamu kan ibsuudha. Kunis kan agarsiisu siilabasiin karoora hojii kaayyoo baruufi barsiisuuf bocame ta’uusaati. Yeroo garaagaraatiif haala dhiyaatina garaagaraatiif kan itti gargaaramnudha.

Afaan barsiisuuf siilabasi garaagaraatiif haala dhiyaatina adda addaa fayyadamna. Barsiisuu keessatti siilabasiin haala dhihaatinaa (approaches) irratti hundaa’a.

Dabalataanis Dubin and Olshain (1986) siilabasi akka itti aanu kanatti ibsu:

“A syllabus is a link by way of conveying information, between the policy makers and teachers, textbook writers, examination committees and learners. It serves several purposes. It is used as an instrument for administration, as a daily guide to the teacher, and as a document of items to be taught in a certain course for certain group of learners.”

Ibsa kanarraa akka hubatamutti, siilabasiin walqabsiistuu daandii odeeffannoo qopheessitoota imaammata barnootaafi barsiisotaa, barreessitoota kitaabilee, koree qormaataafi barattootaati. Kunis kaayyoo adda addaaf kan gargaaruudha. Hooggansaaf akka meeshaatti, barsiisotaaf akka qajeelchaattiifi barattootaaf immoo akka dookumentii barnootaatti kan gargaaruudha.

Karaa biraa immoo siilabasiin unkaa qabiyyeen xinqooqaa barnoota keessatti ittiin addaan bahudha. Yaada kana ilaalchisee, Richards and Rogers (2001:25) akka ibsanitti, “The form in which linguistic content is specified in a course method” jedhu.

Meeshaan barnootaa kun imaammata barnoota irratti hundaa’ee waan qophaa’uuf, waan inni of keessaa qabu hubachuun barbaachisaadha. Sababni isaas siilabasiin qophii meeshaalee barnootaa

kan akka kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaaf ka'umsa waan ta'eefi. Kunis siilabasiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaaf akka karooraatti tajaajila.

Kunis, yommuu qophaa'u sadarkaa barattootaa beekuun sagantaa qophaa'uudha. Akkasumas, siilabasiin afaanii bu'uura dandeettiifi fedhii barattootaa gidduugaleessa godhachuudhaan kan qophaa'uu qabuudha.

Kana ilaalchisuun, Richards (2001:146) irratti akka ibsutti:

In order to plan a language course, it is necessary to know the level at which the program will start and the level learners may be expected to reach at the end of the course. Language programs and commercial materials typically distinguish between elementary, intermediate, and advanced levels, but these categories are too broad for the kind of detailed planning that program and materials development involves.

Akka yaada kanarraa hubatamuutti, siilabasiin bocuufi barnoota karoorsuuf: sadarkaa sagantaa jalqabinsaafi sadarkaa barattootaa beekuun barbaachisaadha.

Sagantaan afaaniifi meeshaaleen daldalaa akaakuuwwan walmadaalchisuu sadarkaa duraa, gidduugaleessa, sadarkaa olaanaafi gidduuti. Garuu, gosoota sagantaa karoorsa gadi fagoofi qophii meeshaaleef akaakuuwwan kun baay'ee bal'aadha.

2.1.2.1.1. Gahee Siilabasiin Sirna Barnootaa Keessatti Qabu

Siilabasiin qophii sirna barnootaa keessatti meeshaa barnootaa gahee guddaa qabudha. Gaheen isaa kunis akaakuu tokkoof kaayyoowwan galma gahuu qaban, qabiyyeewwan kaayyoowwaniif mijaawaa ta'an, wayitiilee qabiyyeewwaniif ramadaman, malaafi tartiiba dhiyeessa barnootaa, akkasumas tooftaa madaallii hojii barnootaa hunda ifaan kan agarsiisuudha. Kana ilaalchisuun hayyuun Richards (2001) akka ibsutti, "Syllabus refers to the content of what is to be taught and the knowledge, skills and attitudes which are to be deliberately fostered, together with stage specific objectives." Akka ibsa kanarraa hubannutti, siilabasiin qabiyyee maaltu akka baratamuufi beekumsa, dandeettiifi amala kamtu kaka'umsa ce'umsaa, kaayyoo murtaa'eef waliin kan ta'udha.

Dabalataanis, Robertson (1971:566), siilabasiin gahee inni sirna barnootaa keessatti qabu waliin walqabsiisuun yommuu ibsu akka kanaan gadiitti lafa kaa'a: "A statement of the plan for any

part of the curriculum, excluding the element of curriculum evaluation itself.” jedha. Akka yaada kanarraa hubannutti siilabasiin, qaama karoora sirna barnootaa ta’ee, caacculee madaallii sirna barnootaati.

Dabalataanis Dubin and Olshtain (1986:28) ibsa bal’aa gahee siilabasiin sirna barnootaa keessatti qabu irratti akka kanaan gaditti kennaniiru.

1. *A syllabus is a document which describes what the learners are expected to know at the end of the course.*
2. *It is a document that describes what is to be taught or learned during the course in the form of inventory items.*
3. *It is a document that describes when the items are to be taught and the rate of progress of the teaching relating the inventory of items to the different levels and stages.*
4. *It is a document that describes how the inventory of items are to be taught.*

Yaada kanarraa akka hubatamuutti siilabasiin:

- Siilabasiin dookumentii barattoonni dhuma gosa barnootaa tokko keessatti beekuuf eeganiiti.
- Siilabasiin dookumentii barattoonni bifa qajeelcha kalaqaan yeroo gosa barnootaa tokko keessatti kan barataniidha.
- Siilabasiin dookumentii yeroo ajajni tokko baratamuufi sadarkaa ibsa barsiisuu ajaja kalaqaa sadarkaa adda addaati.
- Siilabasiin dookumentii akkamitti ajajni kalaqa tokkoo barsiifamuu qabu kan ibsudha.

Kanaafuu siilabasiin adeemsa baruu barsiisuu keessatti meeshaa barnootaa kanneen akka kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaaf akka dokumentiitti kan gargaaruudha. Kunis karoora kanneen akka qajeelchaa, ajajaa, yeroo, kalaqaafi kan kana fakkaatan kan of keessatti qabatedha.

2.1.2.1.2. Qaamolee Siilabasiin

Qaamolee siilabasiin warreen jennu kanneen adeemsa baruufi barsiisuu keessatti meeshaalee barnootaa keessatti hammatamuu qaban warreen jennudha. Isaanis kanneen akka kaayyoo, qabiyyee, malaafi madaallii fa’i.

Yaada kana ilaalchisuun Breen (1989:47) gubbaatti ibsutti: “ A syllabus is a plan of what is to be achieved through our teaching and our students’ learning. It is a part of an overall language

curriculum or course which is made up of four elements: aims, contents, methodology and evaluation.” Akka yaada kanarraa hubatamutti, siilabasiin adeemsa baruufi barsiisuu keessatti karoorra maaliitu akka raawwatamu kan ibsudha. Kunis kan agarsiisu siilabasiin karoorra hojii kaayyoo baruufi barsiisuuf bocame ta’uusaati.

Yeroo garaagaraatiif haala dhiyaatina garaagaraatiif kan itti gargaaramnudha. Afaan barsiisuuf siilabasiin garaagaraatiif haala dhiyaatina adda addaa fayyadamna. Siilabasiin kunis qaamolee afur kan qabudha. Isaanis: kaayyoo, qabiyyee, malaafi madaalliidha. Kanaafuu siilabasiin akaakuu barumsa tokkoof kaayyoowwan fiixa (galma) gahuu qaban, qabiyyeewwan kaayyoowwaniif ta’uu malan, wayitiilee qabiyyeewwaniif ramadaman, tooftaafi mala dhihaatina barnootaafi tooftaa madaallii hojii barnootaaf bifa ifa ta’een qophaa’ee kan dhiyaatuudha.

Qabiyyee (content)- Qabiyyeewwan siilabasiin keessatti argaman akka qabiyyeewwan matadureewwan hundaa faana walsimataniin dhiyaachuu qabu. Akkasumas beekumsi yaadrimee barbaachisoo akka sirna barnootaatti sadarkaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba. Siilabasiin qabiyyeewwan adda addaa kanneen akka dandeettii afaaniifi beekumsa afaanii of keessatti kan qabate ta’uu qaba. Dandeettiiwwan afaanii isaan bu’uuraa kan jedhaman dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu yommuu ta’an, dandeettiiwwan kunneen baruufi barachuun kan argamaniidha. Dubbachuufi dhaggeeffachuun dandeettiiwwan naannoorraa baruun argannu yoo ta’an, dubbisuufi barreessuun immoo mana barumsaarraa barachuun dandeettiiwwan argamaniidha.

Beekumsa afaanii (language knowledge) yoo jedhamu immoo waa’ee afaanii gadi fageenyaan caasaa isaa beekuudha. Wantoota beekumsa afaanii jalatti beekkamuun irra jiraatu, hayyoonni yoo ibsan, seerluga (grammar), hiika jechoota (vocabulary), sagaleessuu (pronunciation), fayyadama (usage) ta’uu fa’aa irratti waliigalu.

Qabiyyeewwan hundi sirna barnootichaa keessatti haala tartiibnisaa walfakkaatuun, akkasumas yeroo walfakkaataa matadureewwan biroo keessatti itti barsiifamuun, bu’aa hidhata matadureewwan giddutti uumamu fiduuf jecha kan keessatti haammatamu tahuu qaba.

Mala (methodology)- Siilabasiin tokko yommuu qophaa’u mala baruu barsiisuu adda addaa kan of keessatti qabatedha. Malli baruu barsiisuu afaan tokkoffaa keessatti tajaajilu mala baruu barsiisuu afaan lammaffaaf ta’uu dhiisuu danda’a. Kanaafuu qopheessitoonni siilabasiin barnootaa

malleen baruu barsiisuu afaan tokkoffaafi afaan lammaffaaf tajaajilan adda baasanii xiyyeeffannoo keessa galchuu qabu.

Madaallii- Siilabasiin qophaa'u tokko fakkeenya tooftaalee madaallii of keessatti qabachuun dirqama ta'a.

Madaalliin barnootaa bara barnootichaaf kan itti hammatamuu qabu kaayyoonsaa barsiisichaaf akka inni qajeelfama qajeelfama beeksisuuf yaada kennuu qaba.

Barattootaaf maatii isaaniifis akkasuma odeeffannoo kan kennu ta'uu qaba. Siilabasichi mala hedduu beekamoo tahan dandeettiwwan garaagaraaf tajaajilan dhiyeessuu qaba.

2.1.2.1.3. Siilabasiin Yommuu Qophaa'u Wantoota Xiyyeeffannaa Keessa Galan

Ogeeyyyiin sirna barnootaa yeroosiilabasi qopheessan wantoota armaan gadii xiyyeeffannaa keessa galchuu qabu. Isaanis kanneen akka kaayyoo (maaliif qopheessina), haala barattootaa (umrii, fedhii, dandeettii, sadarkaa barnoota barattootaa, afaan, ilaalchaafi kan kana fakkaatan), yoomessa (gahee afaanichaa biyya keessatti, barsiisota, yeroo, haala), gochaa sirna barnootaa, gamaggamaafi madaallii fa'i.

Kana ilaalchisuun Nunan (1988) akka armaan gadiitti ibsiti.

1. Murtee fudhachuu
 - a. Kaayyoo: kaayyoon kunis eessaa dhufa isa jedhuuf gaaffii maaliif? jedhurraa kan dhufudha.
 - b. Haala barattootaa (McDonough and Shaw 1993)
 - Umrii
 - Fedhii
 - amala
 - Kaka'umsa
 - Sansakkaa
 - Dandeettiifi sadarkaa isaanii
 - Sababa barachuu (maaliif baratu)
 - Afaan dhalootaa

- Haala itti baratan

c. Yoomessa

- Yeroo
- Barsiisota
- Gahee afaanichaa biyya keessatti
- Gahee afaanichaa mana barumsaa keessatti
- Gosa qorumsa kennamuu
- Baay'ina namootaa
- Haala hoggansaafi bulchiinsaa
- Haala aadaa hawaasichaa

2. Sirna barnootaa gochaan

3. Madaalliifi gamaggama

4. Haala hoggansa dhaabbata barsiisummaa

Kanaafuu, siilabasiin yommuu qophaa'u murtii fudhachuun (Decision making) wantoota xiyyeeffannoo argachuu qaban keessaa isa tokkodha. Kunis kaayyoon keenya eessaa akka dhufu kan nutti agarsiisuudha. Kaayyoon keenyis gaaffii maaliif?jedhurraa kan dhufudha. Akkasumas murtii fudhachuun haala barattootaa xiyyeeffannoo keessa akka galchinu nu taasisa. Isaanis: umrii, fedhii, amala, kaka'umsa, sansakkaa (personality), dandeettiifi sadarkaa isaanii, sababa barachuu barattootaa, afaan dhalootaa isaanii, haala ittiin barataniifi kan kana fakkaatan kan ilaallatudha.

Dabalataanis murtii fudhachuun, yoomessa (setting) xiyyeeffannoo keessa akka galchinu nu taasisa. Isaanis: yeroo, haala, iddoo, barsiisota, gahee afaanichaa biyya keessatti, gahee afaanichaa mana barumsaakeessatti, gosa qorumsa kennamuu, baay'ina namootaa (fayyadamtootaa), haala hoggansaafi bulchiinsaa, haala aadaa hawaasichaafi kan kana fakkaatan kan ilaallatudha. Akkasumas, sirna barnootaa gochaan kanjedhus qophii siilabasi keessatti xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha. Dabalataanis kanneen akka madaalliifi gamaggamaa, haala hoggansa dhaabbata sirnichaa qophii siilabasi keessatti xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha.

Dabalataanis, meeshaalee barnootaa bocuu keessatti wantoonni armaan gadii xiyyeeffannoo keessa galuu qabu.

1.Barattoota (learners): Qopheessitoonni meeshaalee barnootaa barattoota akkamiitiif qopheessina jedhanii hubachuun barbaachisaadha. Barattoota yeroo jennus dandeettii, fedhii, aadaa, duudhaa, ilaalcha, haala jireenya, haala guddinaa, hubannaafi kan kana fakkaatan ilaalcha keessa galchuun barbaachisaadha. Kanaafuu, fedhii barattootaa sakatta'uun barbaachisaadha.

Yaada kana ilaalchisuun Brindley (1989:64) gubbatti akka ibsutti, “Needs analysis is now seen as the logical starting point for the development of a language program which is responsive to the learner and learning needs, but there has been some agreement as to what is entailed” jedha. Akka yaada kanarraa hubatamuutti fedhii sakatta'uun kan ilaalamu akka qabxii ka'umsa loojikiitti sagantaa guddina afaanii keessatti fedhii barattootaafi barachuuf kan duubdeebii kennuudha.

2. Sirna barnootichaafi haala qabatamaa/galumsaa (The curriculum and context)

Sirna barnootaa kan ibsu: qabiyyee (content), dandeettiifi (skills) bu'aawwan (values) barsiifamuu qabaniidha. Sirni barnootaa baafata kaayyoofi galma barattootaafi meeshaa barnootichaati.Haalli qabatamaa yookaan galumsaa yeroo baruu barsiisuu keessatti mul'atu meeshaalee barnootaa keessatti mul'atu meeshaalee barnootaa bocame irratti dhiibbaa geessisuu danda'a.

3.Leecalloofi haala mijaa'aa (resources and facilities): leecalloowwan kunis, kompiyuutera (computers), Televiizinii, Raadiyoo, Footoo koppii, laabiraatoorii afaanii, kaameraa, gabatee gurraacha yookaan adiifi kan kana fakkaatan meeshaalee barnootaa bocuu keessatti rakkoo uumu.

4. Ofitti amanamummaa dhuunfaafi dorgommii (Personal confidence and competence) : Meeshaalee barnootaa bocuu keessatti sadarkaan muuxannoo qopheessitootaafi dandeettiin waa uumuu yookaan teekniikni dandeettii sirna barnootaa, warra bocanii, akkasumas, hubannoon waliigalasaanii piriinsipiloota meeshaalee barnootaafi bu'aati.

5. Walirraa garagalchuu (waraabbii seeraan alaa) dhiisuu (Copyright compliance): Qopheessitoonni meeshaalee barnootaa walirraa garagalchuu (waraabbii seeraan alaa) xiyyeeffannoo keessa galchuu qabu.

6. Yeroo (time): Meeshaalee barnootaa bocuu keessatti yeroon xiyyeeffannoo keessa galuu qaba. Kunis qabiyyeewwan meeshaalee barnootaa keessatti hammataman wayitiilee adda addaatti qoqqoodamuun kan dhiyaataniidha.

2.1.2.1.4. Qophii Sirna Barnootaa Keessatti Barbaachisummaa Walsimannaa QabiyyeMeeshaalee Barnootaa Dandeettii Barattootaa Waliin Qabu

Qophii sirna barnootaa keessatti walsimannaan qabiyyee meeshaalee barnootaa: dandeettii barattootaaf baay'ee barbaachisaadha. Sababni walsimannaa qabiyyee meeshaalee barnootaa:dandeettii barattootaa waliin qabu ilaaluun barbaachiseef, qabiyyeewwan meeshaalee barnootaa keessatti dhiyaatan hammam dandeettii barattootaa gidduugaleessate kan jedhu beekuun rakkoo jiruuf furmaata kennuun waan barbaachisaa ta'eefiidha.

Dabalataanis, qabiyyeewwan meeshaalee barnootaa keessatti argaman hammam qindoominaafi walsimannaa akka qabaniifi kanneen akka sagaleewwan dubbii afaanii, dandeettiwwan afaanii, seerlugaafi hiika jechootaa kitaabicha keessatti argaman dandeettiifi fedhii barattootaa waliin walsimannaan argamuusaanii, akkasumas, gaaffiiwwan kitaabicha keessaa bahan dandeettiifi fedhii barattootaa waliin walgituusaanii, dubbisichi kitaaba keessaa dandeettiifi fedhii barattootaa waliin walsimachusaa, suuraawwan (fakkiiwwan) kitaabicha keessatti dhiyaatan ammam aadaa hawaasa naannoo waliin deemuu isaaniifi qabiyyeewwan gilgaalota kitaabicha keessaa walta'anii walsimannaan argamuu isaanii xiinxalanii bira gahanii beekuun rakkoo mul'ate eeruun furmaata barbaaduuf waan nama dandeessisuuffiidha.

Kanaafuu qophii sirna barnootaa keessatti barbaachisummaan dandeettiifi fedhii barattootaa haala qabatama naannoo barattootaa beekuuf kan gargaaruudha. Akkasumas barnoota sana qabatamaa kan taasisuufi yeroo kan qusatudha. Kun immoo, haala naannoo (barattoota, barsiisota, haala), fedhii (carraa, hawwii, barbaachisummaa), piriinsipiloota kanneen akka kaka'umsaa, walhidhinsaa, hubannoo dabalataa, sirrummaa, bu'aa, barnoota dabarsuu, yeroo gilgaalota keessattii, adeemsa gadi fagoo, haala barachuu adda addaa kan of keessatti qabatee qophaa'uudha.

Yaada kana ilaalchisuun I.S.P Nation and John Macalister (2010:89) yommuu ibsan:

ENVIRONMENT- Learners- The layout of the content should attract the learners.

The learners should have skills to do the activities.

The activities should take account of whether the learners share the same first language.

The activities should be suitable for a range of levels of proficiency in a class.

The activities should suit the size of the class. The activities should fit the learning styles of the learners

- *Teachers- The activities should be able to be presented and managed by the teacher (e.g. The teacher should be able to organize group work)*
- *Situation- The course book should be easy to carry. The material in the course or the course book should not be too expensive.*

The amount of material in a lesson should suit the length of a class.

The activities should suit the physical features of the classroom [e.g. move desks for group work sound proof for oral work]

NEEDS- Lacks- The learners should be able to successfully complete the activities.

Wants- The activities should take account of what the learners expect to do in a language learning course.

Necessities- The kind of activities should be useful to the learners in their future use or learning of the language [e.g. knowing how to rank; knowing how to negotiate]

PRINCIPLES 1. Motivation- As much as possible the learners should be interested and excited about learning of the language and they should come to value this learning.

2. *Four Strands- A course should include a roughly even balance of meaning-focused output and fluency activities.*
3. *Comprehensive input- There should be substantial quantities of interesting*

comprehensible receptive activity in both listening and reading.

4. *Fluency- A language course should be provide activities aimed at increasing the fluency with which learners can use the language they already know both receptively and productively.*
5. *Output- The learners should be pushed to produce the language in both speaking and writing over a range of discourse types.*
6. *Deliberate Learning- The course should include language focused learning on the sound system, spelling, vocabulary, grammar and discourse areas.*
7. *Time on Task- As much time as possible should be spent using and focusing the second language.*
8. *Depth of processing- Learners should process the items to be learned as deeply and as thoughtfully as possible.*
9. *Integrative Motivation- A course should be presented so that the learners have the most favourable attitudes to the language, to users of the language, to the learner's skill in teaching the language and to their chance of success in learning the language.*
10. *Learning Style- There should be opportunity for learners to work with the learning material in ways that most suit their individual learning style.*

Yaada kanarraa akka hubatamutti qophii sirna barnootaa keessatti barbaachisummaa dandeettiifi fedhii barattootaa wantoota armaan gadii hubannoo keessa akka galchinu karaa nu qabsiisa.

Haala Naannoo (Environment)-Barattoota- Qabiyyeewwan meeshaa barattootaa kana keessa jiran barattootahawwachuusaa. Barattoonni dalagaawwan hojjechuuf dandeettii qabaachuusaanii. Dalagaawwan yookaan gilgaalonni baay'een barattootaaf sadarkaa isaanii waliin walsimachuu ta'uusaa/Gilgaalonni haala barachuu barattootaa waliin deemuusaanii. Dalagaawwan haala daree waliin deemuusaanii.

Barsiisota- Dalagaawwan/gochaawwan jiran barsiisotaan kan too'ataman ta'uusaa. Fakkeenyaaf barsiisonni garee ijaaruudhaan kan barsiisan ta'uusaa.

Haala (Situation)- Meeshaan barnootaa haala salphaan kan dhiyaate ta'uusaa. Meeshaan barnootaa kun gatiin isaa baay'ee qaala'aa ta'uufi dhiisusaa. Baay'inni meeshaalee barnootaa haala dareewwan jiran waliin Kan walmadaalu ta'uusaa. Gilgaalonni haala amala daree sanaa waliin wal simachuusaa.

Fedhii (Needs):

Carraa(lacks)- Barattoonni dalagaawwan/gochaawwan dhiyaatan sirriitihojjechuun xumuruu danda'uu isaanii.

Hawwii (wants)- Afaan barachuu keessatti gilgaalonni dhiyaatan akkabarroonni eeganitti kan qophaa'e ta'uusaa.

Barbaachisummaa (necessities)- Akaakuun dalagaawwanii barattootaaf gara fuulduraatti afaan barachuuf yookaan afaan fayyadamuuf barbaachisaa ta'uusaa.

Piriinsipiloota (principles):

1. Kaka'umsa (motivation)- Barattoonni afaan barachuuf kaka'umsa kan qaban ta'uusaa. Akkasumas, afaan barachuu kanarraa bu'aa kan argatan ta'uusaanii.
2. Walhidhiinsa- Koorsiichi ciicata hiika irratti xiyyeeffate, afaan barachuu irratti xiyyeeffateefi dalagaawwan sirrii kan of keessaa qabu ta'uusaa.
3. Hubannoo dabalataa- Dalagaawwan dhaggeeffachuufi barreessuu hubannoo uumuuf baay'inaan akka fedhanitti jiraachuusaa.
4. Sirrummaa (Fluency)- meeshaan barnootaa kaayyoo dalagaawwaan sirrummaa barattootaa kan dabaluu ta'uusaa.
5. Bu'aa (output)- barattoonni gama dubbachuufi barreessuutiin afaan ibsuu keessatti gosa haasbarruutti ce'uusaanii.
6. Barnoota dabarsuu- Meeshaan barnootaa afaan barachuu irratti xiyyeeffachuusaa. Kunis: sagalee, hiika jechoota, seerluga, haasbarruufi ogbarruu kan barsiisu ta'uusaa.
7. Yeroo gilgaalota keessatti- Afaan lammaffaa keessatti yeroo fayyadamuun baay'ee gadaanaa ta'uusaa.
8. Adeemsa gadifagoo- Barattoonni hanga danda'amaa ta'etti adeemsa qajeelfamoota gadifageenyaan barachuusaanii.
9. Kaka'umsa guutuu- Meeshaan barnootaa afaanii akka barattoonni barbaadanitti dhiyaachuu isaa. Kunis gama ilaalcha afaaniin, fayyadamtoota afaaniin, gama dandeettii barsiisotaa afaan barsiisuu keessatti.
10. Haala barachuu (Learning styles)-Haalli barachuu dhuunfaa barattootaa mijachuun carraa barattoonni meeshaa barnootaa sana keessatti hojjechuuf argatan jiraachuusaa.

2.1.2.2.Maalummaa Kitaaba Barataa

Kitaabni barattootaa qaama meeshaalee sirna barnootaa keessa isa tokkodha. Kunis haala hojiirra oolmaa siilabasi barnootaa irratti kan xiyyeeffatudha. Xiyyeeffannoo kanaan barattoonniifi barsiisonni adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabiyyeewwan barnootaa akkamitti akka hojiirra oolchan kan gargaarudha. Kitaabni barataa qabiyyeewwan adda addaa kan of keessatti qabate ta'uu qaba. Isaanis dandeettiwwan afaaniifi beekumsa afaaniiti. Dandeettiwwan afaanii kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu fa'i. Beekumsi afaanii kan waa'ee afaanii gadi fageenyaan caasaa isaa irratti xiyyeeffatudha.

Wantoota beekumsa afaanii jalatti beekkamuun irra jiraatu, hayyoonni yoo ibsan, seerluga (grammer), hiika jechoota (vocabulary), sagaleessuu (pronunciation), fayyadama (usage) ta'uufaa irratti waliigalu.

Akkasumas, malleen baruu barsiisuu afaanichaaf mijatan kan of keessatti hammate ta'uu qaba. Dabalataanis kitaabni barattootaa tooftaalee madaallii barattootaa gidduugaleessa godhatee kan qophaa'uudha.

Walumaagalatti kitaabni barattootaa karoora siilabasi barnootaa keessatti qophaa'e kan hojiirra oolchu ta'uu qaba.

2.1.2.3.Maalummaa Qajeelcha Barsiisaa

Meeshaaleen barnootaa inni biraan immoo qajeelcha barsiisaa yoo ta'u; kunis kitaaba barataarratti hundaa'uun kan qophaa'uudha. Kan inni qophaa'eefis yaadolee tokko tokko irratti barsiisotaaf ibsaafi yaadannoo kennuudhaan barsiisonni kaayyoolee, qabiyyeewwaniifi maloota adda addaa eeraman muuxannoo isaanii, dandeettiifi fedhii barattootaa isaanii waliin walsimsiisanii akka itti fayyadaman haala mijeessuufi. Dabalataanis barsiisonni qajeelcha barsiisaa kana siilabasiifi kitaaba barataa waliin ilaalaa, meeshaalee barnootaa sadanitti fayyadamuu akka qaban hayyoonni nigorsu. Kunis kan ta'u karoora baafachuuf, waan fooyyessanii yookaan mijeessanii dhiisan dursanii addaan baafachuun akka danda'amuuf, akkasumas qabxiilee barbaachisoo irratti yaada gahaa argachuuf waan isaaniin barbaachisuufi.

Dabalataanis, qajeelchi barsiisotaa qaama sirna barnootaa keessaa isa tokkodha. Kunis, haala hojiirra oolmaa kitaaba barattootaa irratti xiyyeeffata.

Xiyyeeffannoo kanaan barattoonni afaan isaaniitiin ogummaawwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu, beekumsa afaanii kanneen akka caaslugaa, ogbarruufi kan kana fakkaatan haala gaariin hubachiisuuf bifa sirriin qophaa'uu qaba. Qajeelchi barsiisaa sirna barnootaa fooyya'aa irratti xiyyeeffatee qophaa'uu qaba. Kunis mala baruu barsiisuufi meeshaalee deggarsa barnootaa kitaabicha keessatti dhiyaatanis barsiisotaaf odeeffannoo gahaa kennuu qaba.

Qajeelchi barsiisotaa, barsiisotaaf barattoota deggaruuf kitaaba barattootaatti akkamiin fayyadamuu akka qaban irratti qajeelfama ifa ta'e kennuu qaba.

Akkasumas, adeemsi baruu barsiisuuu madaallii walirraa hin cinne, dhimma koornayaafi hunda hammatoo gidduugaleessa kan godhate ta'uu qaba. Kitaabni qajeelcha barsiisotaa barnoota torbanii irratti kan xiyyeeffatan ta'uu qabu.

Torbaan tokkos barannoo yookaan wayitiilee adda addaatti qoqqoodamee dhiyaachuu qaba. Haa ta'u malee haala mana barumsaa irratti hundaa'uudhaan barannoon qophaa'e torbaan tokko caalaa fudhachuu danda'a. Barannoon kitaaba keessa jiru tokko tokkoon isaa mallattoo/boca qajeelcha barsiisotaa keessatti ittiin agarsiifaman qabaachuu qaba. Qabiyyeewwan baay'eenis barannoo hunda keessatti mul'achuu qabu.

2.2. Sakatta'a Baruu Walfakkii

Qorannoowwan walfakkii qorannoo kana waliin hidhata qaban kan qoratichi dubbisee itti fayyadame kanneen armaan gadiiti. Isaanis kan Afaan Ingiliiziin qophaa'an yommuu ta'an.

Tokkoffaa: Mekasha Kassaye (1994) "A study of the syllabus of unity private language school in relation to the need of the learners) Qorannoon kun siilabasii irratti waan xiyyeeffatuuf qorannoo kana waliin hidhata kan qabudha.

Lammaffaa: Wong Pak Wing Lawrence (2011) "Textbook Evaluation: A Framework for evaluating the fitness of the Hong Kong New Secondary School (NSS) Curriculum." Dissertation submitted in partial fulfillment of the requirement for the Degree of Master of Arts in Teaching English as a second language department of English. City University of Hong Kong. Qorannoon kun sirna barnootaa waliin hidhata qaba waan ta'eef qorannoo kana waliin hidhata qaba.

Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Mala Qorannoo

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qoratichi kaayyooleefi barbaachisummaa qorannoo isaatiif jecha gaaffilee sammuu isaa keessatti naanna'aniif deebii quubsaa ta'e argachuudhaaf jecha maladhaha sababootaafi bu'aadha jedhee kan tilmaame hangam tilmaamni isaa sirrii akka ta'eefi kaan beekuuf kan isa dandeessisan ragaalee adda addaa sanada, afgaaffii barsiisotaafi daawwannaa dareerra argame bifaan gurmeessuudhaaniifi qindeessuudhaan akaakuu qorannoo akkamtaatti gargaaramuun xiinxalee hiika itti kennuudhaan rakkoolee jiru jedhamaniif yaada furmaata kan dhiyeessedha. Sababni qoratichi akaakuu qorannoo akkamtaa filateef ragaan sakatta'amu dokumentii waan ta'eef meeshaaleen funaansa ragaalee kanneen akka sanada, afgaaffii barsiisotaafi daawwannaa daree waan ta'eef malli kun lakkoofsaan osoo hin ta'iin jechaan yoo ibsame hiika gahaa waan argatuuf qoratichi akaakuu qorannoo akkamtaa filatee itti dhimma baheera. Kanaafis malaafi tooftaawwan qorannoon ittiin gaggeeffamu filatamoo ta'anitti dhimma bahameera. Malaafi tooftaa qorannoo ilaalchisee qorataan tokko waan gochuu qabuurratti akka Yaadasaan (2008:35), irratti akka ibsutti:

Qorataan tokko duraan dursee waan sadiirratti of amansiisuu qaba. Isaanis, inni Iffaan gaaffileen deebii barbaadamuuf hangam qoratamuu maluu/danda'u? Inni 2ffaan qoratichi dhugummaa qorannoo kana geggessee fiixaan baasuuf hangam gahaadhaa? Inni 3ffaa immoo malawwaniifi tooftaaleen qorannoo geggeessuuf filatamanhoo hangam amansiisotaadhaa? Kan jedhaniidha.

Kanaafuu, adeemsa hojii qorannoo keessatti, malaafi tooftaa amansiisaa filachuudha. Bifuma kanaan boqonnaa kana keessatti tooftaalee qorannoofi qabxiiwwan mala qorannichaan walqabatan kanneen akka: madda ragaalee, meeshaalee funaansa odeeffannoo, iddattoofi mala iddattoo, adeemsa qorannichaafi mala odeeffannoon ittiin qaaceffamu keessatti qabatama. Qabxiiwwan kunis gadi fageenyaan akka kanaan gadiitti ibsamaniiru. Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffate, sakatta'a walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuudhaan barattoota mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa keessatti gaggeeffameerrattiidha. Qabxiiwwan qorannoo kanaaf barbaachisan immoo siilabasii barattoota kanaaf qophaa'e, deebiiwwan barsiisonni sadarkaa tokkoffaa 1-4 barsiisan kennan, qabxiiwwan daawwannaa dareerra (unkaa mirkaneeffannaarraa argamee)fi barruuleewwan siilabasii afaaniirratti barreeffaman fa'i. Kanas qorataan kun faana

bu'uun siilabasii kana maalummaa isaa, akkamitti akka qophaa'e, faayidaafi haala raawwii isaa xiinxaluun gumaacha guddaa qaba. Raga qabatamaa mataduree kanaan walsimu argachuuf immoo siilabasii qophaa'e kanaafi barattoota itti barachaa jiraniifi barsiisota itti barsiisaa jiran gargaaramuun dhimma murteessaadha.

3.2. Madda Ragaalee

Qorannoo bu'aa qabeessa ta'e tokko gaggeessuuf, odeeffannoon madda ragaalee qabatamoo ta'anitti gargaaramuun barbaachisaadha. Bifuma kanaan odeeffannoon boqonnaa kana keessatti madda raga ta'e, madda raga tokkoffaa (primary source data)fi lammaffaati (secondary source data). Qorataan akka madda raga tokkoffaatti kan gargaaramu sanada yookaan meeshaa barnootaa sakatta'amu siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 bara 2006 A.L.H'tti qophaa'e yommuu ta'u. Akka madda raga lammaffaati kan gargaaran immoo barsiisotaafi barattoota mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 Fiicheetti barsiisaniifi barataniiti. Akkasumas akka madda raga lammaffaati kan gargaaru raga daawwannaa dareerra (unkaa mirkaneeffannaarraa) argameedha.

3.3. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Qorannoo tokkoof odeeffannoo funaanuun baay'ee barbaachisaadha. Qorannoon kunis, meeshaalee ittiin funaanaman qabu. Kanas akka haala qorannichaaaf mijatuutti qoratichi meeshaalee funaansa odeeffannoo kanneen akka sanadaa, afgaaffiifi daawwannaa daree filachuun kan gaggeesseedha. Isaanis akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

3.3.1. Sanada (Dokumentii)

Meeshaan funaansa ragaalee qorannicha keessatti dhimma itti bahaman keessaa tokko sanada yommuu ta'u; kunis siilabasii barnoota Afaan Oromoo, kitaaba barataa Afaan Oromoofi qajeelcha barsiisaa kutaa 1-4 jiruudha. Kunis odeeffannoo akkaataa qorannichaaaf ta'anitti kan funaanamanii qaaceffamaniidha.

3.3.2. Afgaaffii

Afgaaffiin gosoota odeeffannoo qorannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorataafi odeeffannoo kennitoonni fuulleetti walarganii odeeffannoo waliif kennaniidha.

Malli kun odeeffannoo qabatamaafi barbaachisaa argachuuf wanti mijaa'a taasisu qorataan gaafannoo isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeeffannoo kennan qaaccessuu dandeessisa. Kunis, ta'uu kan danda'u dursa qoratichi itti yaadee gaaffii caaseffamaa qopheeffachuun gara odeeffkennitootaa deemuun gaafficha dhiyeessaaf. Haaluma kanaan, odeeffkennitoonni afgaaffii dhiyaateef irratti hundaa'aanii waan beekan, ijaan argan, gurraan dhagahan, walumaagalatti odeeffannoo qaban hunda akka qoratichaaf kennaniif gargaara. Haaluma kanaan qoratichi gaaffii mataduree qorannichaan walsimatan gaaffilee caaseffaman muraasa qopheessuun bakka bu'ee qorannoon kun itti fayyadametti mala akkayyoo (purposive sampling) gargaaramee namoota yookaan barsiisota dhimma qorannoon kun irratti adeemsifamu bakka bu'anii hubannoofi muuxannoo qaban akka ibsan gaaffachuun gara odeeffkennitootaa deemuun namoota afgaaffiif filataman namoota torba irraa oddeeffannoo argateera.

3.3.3. Daawwannaa Daree

Qorataan mana barumsaa kanatti dareewwaan kudha sadii jiran keessaa kanneen odeeffannoo gahaa argadha jedhee yaade ragaa barattootaafi haala qabanna barsiisota daree sana barsiisan irratti hundaa'uunmala akkaayyooti (purposive sampling) fayyadamuun dareewwan jiran keessaa dareewwan afur filachuun qaamaan daawwachuufi hubachuun ragaalee walitti qabachuuf, unka mirkaneeffannaa (checklist) qopheeffachuun odeeffannoo funaannateera. Kanaafuu mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 keessatti dareewwan Afaan Oromoon kennamu kudha sadii keessaa dareewwan Afur daawwachuun ragaankan funaanameedha.

3.4. Iddattoofi Mala Iddattoo

Iddattoo sirrii bifa mataduree qorannoo tokkoof mijatu filachuun qorannoo gaggeeffamaa jiru bu'aa qabeessa nitaasisa. Kanaafuu iddattoo filachuun mala adda addaatti fayyadamuu dandeenya. Tooftaan kunis haaluma amala qorannoo kan qorataan adeemsa qorannoo isaa ilaalee akka isaaf mijatutti kan filatamuudha. Kanaafuu qorataan kun qorannoo kana gaggeessuuf ragaalee barbaachisoo ta'an argachuuf mala iddatteessuu akkaayyoo (purposive sampling) fayyadamuudhaan dhimma bahuuf kan gaggeeffameedha. Sababni isaas, akaakuun iddatteessuu mit-carraa kun qorataan kun beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo naa kennuu danda'u jedhee amanu filachuun waan murteessuuufiiddha.

Akkasumas, odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa qaama hubannoodhimmichaa qaburraa kallatumaan argachuuf yaadameeti. Bifuma kanaan, qoratichi iddattoo barsiisotaafi iddattoo dareewwan daawwatamanii mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 Fiichee keessatti argamu irratti xiyyeeffachuun kan adeemsifameedha.

3.4.1. Iddattoo Siilabasii

Qorataan iddattoo kanatti kan fayyadameef ragaaleen xiinxalaman yookaan qaacceffaman sun kallattiidhaan mala kana waliin kan walargataniif hojichas bu'aa qabeessaafi qabatamaa taasisuu waan danda'aniif. Kanaafuu, siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 bara 2006 A.L.H.'tti qophaa'erratti kan xiyyeeffatuudha.

3.4.2. Iddattoo Dareewwanii

Baay'inni dareewwan barnootaa mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 daree Afaan Oromoo jiran kudha sadii yommuu ta'an. Isaanis kutaa tokkoffaan daree sadii, kutaa lammaffaan daree afur, kutaa sadaffaan daree sadii, kutaa arfaffaan daree sadii yommuu ta'an; dareewwan kana keessaakanneen odeeffannoo gahaa argachuun danda'amu ragaa barattootaafi haala qabanna barsiisota daree sana barsiisan irratti hundaa'uun mala iddatteessuu akkaayyoo (purposive sampling) gargaaramuudhaan dareewwan kudha sadii keessaa dareewwan Afur filatamanii daawwatamaniiru.

3.4.3. Iddattoo Barsiisotaa

Baay'inni barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 barsiisanii kudha sadii yommuu ta'an, isaanis dhiira afuriifi dubara sagali. Barsiisota kudha sadii keessaa barsiisota odeeffannoo gahaa kennuu danda'an hubannoofi muuxannoo isaanii irratti hundaa'uun mala akkayyootti (purposive sampling) gargaaramuun barsiisota dhiiraa afuriifi barsiisota dhalaa sadii, ida'ama torba fudhatamuun afgaaffiin qophaa'ee irratti akka yaada kennan taasifamanii jiru. Isaanis kan mala kanaan filataman barsiisonni kun qoraticha waliin dhimma Afaan Oromoo irratti yeroo baay'ee yaada waliif waan qoodaniif qoratichi barsiisonni kun odeeffannoo sirrii kennuu danda'u jedhee waan yaadeef filatee jira. Haala sadarkaa barnoota isaaniin yeroo ilaalamanis, lama digirii yommuu ta'an.

Shanan hafan immoo sadarkaa dippiloomaa kan qabaniifi tajaajila waggaa kudhanii hanga waggaa soddonii sadiifi umurii waggaa soddomaa hanga jaatamaa kan qabaniidha. Haala hedduumina wayitii torbaniitti barsiisaniis yeroo ilaalamus torbaanitti wayitii barnootaa digdamii shanii hanga soddomaa tilmaamamu qabu. Walumaagalatti barsiisonni afgaaffii irratti hirmaatan afur dhiira yommuu ta'an sadii immoo dhalaadha. Kanaafuu, barsiisoonni torba afgaaffii dhiyaateeffiratti hirmaataniiru.

3.5. Malleen Xiinxala Ragaalee

Malli matadureen qorannoo kanaa ittiin xiinxalame, mala akkamtaa ta'ee, yaada isaa ibsuunidha. Kanas raawwachuun kan danda'ameef, jalqaba meeshaaleen odeeffannoon ittiin sassaabame ragaalee sassabaman gadifageenyaan xiinxaluuf ibsuudhaan kan raawwatameedha. Ragaaleen bifa sanadaan, afgaaffiifi daawwannaan iddattoo irraa argamemala xiinxala ragaa akkamtaatti fayyadamuun xiinxalama. Akka Addunyaan (2011:11) gubbaatti ibsutti "Meeshaaleen odeeffannoo akkamtaa kan ittiin funaanamu daawwannaa, sakatta'iinsa barruu, marii garee xiyyeeffatamaa, afgaaffii wkf ta'a." Kanaafuu, ragaalee odeeffannoo afgaaffii barsiisotaafi daawwannaa dareerraafi sanada irraa funaaname mala akkamtaan kanxiinxalamudha. Kunis jalqaba sanada, afgaaffiifi daawwannaa dareerra odeeffannoo walitti qabuun akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Boqonnaa Afur: Xiinxala Ragaalee

4.1. Duubee Odeefkennitootaa

Odeefkennitoonni qorannoo kana keessatti ragaa kennuun galma ga'insa qorannichaaf tumsa taasisan tokkoffaa sanada (siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru).Lammaffaan barsiisota mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 Fiicheetti barsiisan fa'i.

4.1.1. Duubee Siilabasichaa

Siilabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 kan qophaa'e bara 2006 A.L.H'tti dha. Meeshaan barnootaa kunis kan qophaa'e,deeggarsa maallaqaafi teeknikaa ummata Ameerikaarraa karaa dhaabbata 'USAID'tiin (United States Agency for International Development) argameen walta'insa hojii qophii siilabasicharratti kanneen hirmaatan miseensota Afaan Dhalootaa digdamii sadiifi ogeessota sirna barnootaa ministeera barnootaa, eksipertoota biiroolee barnoota naannoofi ogeeyyiiwwan 'READ TA'tiin (Reading for Ethiopian Assessment Development Technical Assistant) filataman kan qophaa'eedha. Isaanis leenjiiwwan adda addaa irratti gadfageenyaafi bal'inaan hirmaataniiru; Itiiyoophiyaa keessatti qorannoowwan gaggeeffaman: EGRA (Early Grade Reading Assessment), qorannoowwan biyyoolessaa, gabaasota qorannoo siilabasi Afaan dhaloota irratti gaggeeffaman sakatta'aniiru. Akkasumas qindoomina qabiyyee Afaan dhaloota, dandeettii barnoota isa xiqqaa (Minimum learning competencies)fi siilabasi Afaan dhaloota kutaalee 1-8 jiran madaalaniiru; siilabasi isa fooyya'e kutaa 1-4 fi kutaa 5-8'tiif qopheessaniiru. Kanaaf, miseensonni Afaan dhaloota 23fi ogeessonni sirna barnootaa, ministeerri barnootaa, eksipeertoonni biiroolee barnoota naannoofi ogeeyyiiwwan 'READ TA' (Reading for Ethiopian Assessment Development Technical Assistant) walta'uun sirna barnootaa bara 2006 A.L.H'tti (Akka Lakkoofsa Habashaatti) Afaan Oromootiin siilabasi qopheessanii, akkasumas kitaabilee barnootaa maxxansiisee akka manneen barnootaa keessatti ittiin baratamu ta'ee jira.

4.1.2. Duubee Barsiisotaa

Baay'inni barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 Godina Shawaa Kaabaa magaalaa Fiicheetti barsiisanii kudha sadii yommuu ta'an, Isaanis dhiira afuriifi dubara sagali. Barsiisota kudha sadii keessaa barsiisonni qorannoo kana keessatti odeeffannoo kennuun hirmaatan barsiisota torba yommuu ta'an; haala sadarkaa barnoota isaaniin yeroo ilaalamaniis, lama digirii yommuu ta'an. Shanan hafan immoo sadarkaa dippiloomaa kan qabaniifi tajaajila waggaa kudhanii hanga waggaa soddonii sadiifi umurii waggaa soddomaa hanga jaatamaa kan qabaniidha. Haala heddumina wayitii torbaniitti barsiisaniis yeroo ilaalamus torbaanitti wayitii barnootaa digdamii shanii hanga soddomaa tilmaamamu qabu.

Gabatee 1: Qabiyyeewwan Siilabasii Dandeettii Afaaniiratti xiyyeeffatan

Lakk.	Qabiyyeewwan dandeettii afaaniiratti xiyyeeffatan	Kutaa 1 ^{ffaa}	Kutaa 2 ^{ffaa}	Kutaa 3 ^{ffaa}	Kutaa 4 ^{ffaa}
1	Dhaggeeffachuu	Walitti dhufeenya sagaleefi mallattoo barsiisaan yommuu barsiisu akka dhaggeeffatan kan godhudha.	Mataduree, fakkiileefi beekumsa duraaniitti waa'ee dubbifamuuf deemuu dhaggeeffatan kan taasisuudha.	Wanta barsiisaan barsiisu qalbiin akka dhaggeeffatan kan taasisuudha.	Dandeettii dhaggeeffachuu hubannoo gadifageenyaan barsiisaan isaanii akka dhaggeeffatan kan taasisuudha.
2	Dubbachuu	Walitti dhufeenya sagaleefi mallattoo kan dhaggeeffatan akka deebisanii dubbatan kan taasisuudha.	Mataduree, fakkiileefi beekumsa duraaniitti waa'ee dubbifamuuf deemuurratti dubbachuu iddootti shaakalsiisudha.	Wanta barsiisan barsiise irra deebi'uun nijedhu.	Dandeettii dubbachuu gadi fagoo iddootti shaakalsiisudha.
3	Dubbisuu	Walitti dhufeenya sagaleefi mallattoo barsiisaa isaanii waliin akka shaakalan kan taasisuudha.	Mataduree fakkiileefi barreefamoota dhiyaatan dubbisuun iddootti shaakalsiisudha.	Walitti dhufeenya sagalootaafi mallattoolee kan akka sagalee dheeraa yookaan irra butaa qaban suuta ni dubbisu.	Jechoota sagaloota irra butaa qaban iddootti dubbisuu shaakalanidha
4	Barreessuu	Sadarkaa itti mallattoolee sirna barreessuu warra jalqabaa barreessuu shaakalan itti hubachiisuudha..	Ga'umsa barreeffama gaarii ta'etti gargaaramuun tokko tokkoon mallattoolee yommuu baratan iddootti barreessu shaakalaniidha.	Walitti dhufeenya sagalootaafi mallattoolee suuta suuta barreessuu iddootti jalqabsiisudha.	Jechoota walxaxaa irrabutaan ijaaraman barreessuu akka danda'an kan shaakalsiisuudha .

Madda siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 bara 2006'tti A.L.H. qophaa'erraa fudhatame.

Xiinxala qabiyyee armaan olii kana yommuu ija siilabasiin yoo qophaa'u wantoota xiyyeeffannaa keessa galuu qabaniifi qophii sirna barnootaa keessatti barbaachisummaa dandeettiifi fedhii barattootaan ilaalamu waliin walbira qabuun akka armaan gadiitti xiinxalameera.

1. Haala barattootaa- Akka ragaan daawwannaa dareerraa argame ibsutti qabiyyeewwan dandeettii afaanii irratti xiyyeeffatan kun haala barattootaagidduu galeessa godhachuun kan dhiyaateedha. Kunis umrii barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun sadarkaa sadarkaan qoqqoodee kan dhiyyeessedha. Akkasumas akka ragaan madda ragaa daawwannaa dareerraa argametti siilabasiin kun dandeettiiwwan afaanii gurguddoo arfan irratti fedhii, dandeettii, amala, sansakkaa, kaka'umsa, sababa barachuu barattootaafi kan kana fakkaatan xiyyeeffannoo keessa galchuun dandeettiiwwan afaanii kan qopheessedha. Qabiyyeewwan dandeettii afaanii irratti xiyyeeffatan kunis qabiyyeewwan matadureewwan hundaa faana walsimataniif akkasumas beekumsiif yaadrimeewwan barbaachisoo akka sirna barnootaa sadarkaa jalqabaa keessatti uumamaniifi deggaramaniif haala barattootaa waliin walsiimsiisuun kan qindeeffamaniidha. Siilabasichiif qajeelfamni xiyyeeffannoo ogummaawwan afdubbii, dubbisuufi barreessuu kan barattoonni mana barumsaa sadarkaa tokkoffaatti qabachuu qaban tahanii, semisteera isa kamitti qabiyyeen afaanii akka itti makamuu qabu, siilabasichi nimul'isa. Kunis qindeeffamni qabiyyeerratti hirkachuun godhamuu qabu sadarkaawwan naannoofi haala barattootaa irratti xiyyeeffatamuunidha.
2. Yoomessa- Qabiyyeewwan dandeettii afaanii siilabasicha keessatti dhiyaatan wayitiilee adda addaatti qoqqoodee dandeettiiwwan adda addaaf yeroo adda addaa kan qopheessedha. Qabiyyeen dandeettiiwwan afaanii irratti xiyyeeffatan hundi siilabasicha keessatti haala tartiibnisaa walfakkaatuun, akkasumas yeroo walfakkaataa inni matadureewwan biroo keessatti itti barsiifamuun, bu'aa hidhata matadureewwan gidduutti uumamu fiduuf jecha kan keessatti haammatamu ta'ee kan dhiyaateedha.
3. Piriinsipiloota (principles)-Siilabasichi dandeettiiwwan afaanii hubachiisuuf sirrummaa, haala barachuu adda addaa, kaka'umsa, walhidhinsa, bu'aafi kan kana fakkaatan fayyadamuudhaan dandeettiiwwan kana kan galma geessisuudha.

Dabalataanis akka ragaan siilabasicharraa fuula 1 (tokko)fi odeeffkennitoonni ibsanitti barataan dandeettii sirrii dubbisuufi barreessuu qabaatuuf (barataan akka dandeettiiwwan isaa dubbisuufi barreessuu gosa barnootaa biroo barachuuf itti fayyadamu) qaamota bu'uuraa gumaachan shanitti dhimma kan bahu ta'uusaa kan ibsaniidha.

Qaamonni bu'uuraa shanan kunis:

- Hubannaa Dhamsagaa (HDH)-Dandeettii sagaleewwan jechootaa dubbataman dhaggeeffachuufi itti dhimma bahuu.
- Hubannaa Qubdhamsagaa (HQDH)- Dandeettii sagaleewwan mallattoolee faana walsimsiisuufi (graphemes-qubeewwan) itti aansuunis dandeettiiwwan kunneen jechoota dubbisuufi hiika isaanii baruudhaaf itti fayyadamuudha.
- Dandeettii Fayyadama Afaanii Saffisaafi Sirrii- Saffisaafi sirriitti dubbisuuf dandeettiiwwan kunneen (HDH fi HQDH) hojiirra oolchuudha. Beekumsa jechootaafi hiika jechootaati.
- Jechoota- Hubannoo jechootaafi hiika isaanii
- Hubannoo- Adeemsa dammaqiinsaanaa yaada barreeffamaa hubachuu.

Odeeffannitoonni(barsiisonni) akka jedhanitti dandeettiin dubbisuufi barreessuu meeshaalee barnootaa keessatti argaman qajeelfama afaanii kan afaan jalqabaa barattootaatiin kan eegaluudha. Kunis, karaa baay'ee salphaa ta'een barattoonni dubbisuu, hubachuufi waliigaluu kan danda'aniidha. Dabalataanis, meeshaan barnootaa kun, barattoonni turtiiwwan jalqabaa xiqqoo mana barumsaa isaaniitti dandeettiiwwan dubbisuufi barreessuu afaan dhalootaasaanii caalaatti akka gabbifatan kan gargaaruudha.

- ❖ Dubbisuu: Ogummaan kun qubeewwan, jechoota, himootaafi seeneffamoota gaggabaaboo ta'an sagalee dhageessisanii dubbisuufi jechoota agaree dubbisanii hubachuu danda'uu irratti xiyyeeffata. Kaayyoon dubbisa kanaas: daree keessatti ijoolleen:
 - Dubbisa nidubbisu.
 - Dubbisa keessaa gaaffiiwwan ba'aniif deebii nikennu.
 - Dubbisicha irratti marii nigaggeessu.
 - Yaada dubbisaa jechoota muraasaan nibarreessu.
- ❖ Barreessuu: Barreessuun, qubee bocuu, jecha sirriitti qubeessuufi yaada mataa ofii fakkii baasuun yookaan himoota gaggabaaboon barreessanii ibsuu irratti xiyyeeffata. Kaayyoon dandeettii barreessuu kunis: barattoonni
 - Qubee akkamitti akka bocan nibaratu.
 - Qubeewwan Afaan Oromoo barreessuu nishaakalu.
 - Qubeewwan Afaan Oromoo barataniin jechoota nibarreessu.
 - Yaada isaanii waliif qooduuf jecha yookaan hima nibarreessu.

Siilabasiin barnootaa kun dandeettii dubbisuufi barreessuu hanga tokko qabaachuun barattoonni mana barumsaa keessattiifi mana barumsaan alatti akka barachuu danda'an kan gargaaruudha. Kunis, akka isaan dhimootasaanii caalaatti gabbisuuf baay'ee barbaachisaadha.

Walumaagalattimeeshaan barnootaa afaanii yommuu qophaa'u qabiyyeewan dandeettii afaanii xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba, Sababiin isaas meeshaaleen barnootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti gahee olaanaa qabu.

Kana ilaalchisuun Cunningsworth (1995:7) gahee meeshaaleen barnootaa afaan barsiisuu keessatti qabu akka armaan gadiitti ibsa;

- *A resource for presentation materials (spoken and written)*
- *A source of activities for learner practice and communicative interaction.*
- *A reference source for learners on grammar, vocabulary, pronunciation, and so on.*
- *A source of stimulation and ideas for classroom activities.*
- *A syllabus (where they reflect learning objectives that have already been determined)*
- *A support for less experienced teachers who have yet to gain in confidence.*

Akka yaada kanarraa hubatamuutti gaheen meeshaaleen barnootaa afaan barsiisuu keessatti qabu kanneen kanaan gadiiti.

- Leeccalloo meeshaalee ibsuuti (dubbiifi barreeffamaaf)
- Barattootaaf madda dalagaawwan shaakalliifi waliigalteeti.
- Barattootaaf madda wabii gama caaslugaan, hiika jechootaan, loqodaan (haala dubbii) fi kan kana fakkaataniiti.
- Madda kakaasuufi dalagaawwan yaadaa dareeti.
- Siilabasiin (kaayyoo barachuu addeessuuf kan murteeffameedha).
- Barsiisota muuxannoo xiqqaa qabaniifi kanneen ofitti amanamummaan isaanii gadaanaa ta'eef kan gargaaruudha.

Kanaafuu meeshaaleen barnootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti iddoo olaanaa qabaachuunsaa beekamaadha. Kunis meeshaalee ittiin dubbatamuufi barreeffamuudha. Akkasumas barattootaafis ta'e barsiisotaaf madda dalagaawwan yookaan gilgaalota itti shaakalaniifi shaakalsiisan ta'ee tajaajila.

Dabalataanis meeshaaleen barnootaa barattootaaf madda ragaa shaakalii dandeettiiwwan afaanii (dhaggeeffacuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu), seerlugaa, hiika jechootaa loqodaafi kan kana fakkaatan ta'ee kan tajaajiluudha.

Walumaagalatti qorataanis, yaada odeeffennitootaafi ragaa siilabasicarraa argaterra ka'ee, siilabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru qabiyyeewwan dandeettii afaanii (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreesuu) kana haala barattootaa (dandeettii, fedhii, amala, sansakkaa, kaka'umsa, sababa barachuu barattootaa), yoomessa (dandeettiiwwan afaanii afran wayitiilee adda addaafi haala adda addaa keessatti qoqqoodee)fi piriinsipiloota dandeettiiwwan afaanii hubachiisuuf sirrummaa, haala barachuu adda addaa, kaka'umsa, walhidhinsa irratti hanga tokko xiyyeeffachuun kan dhiyeessu ta'usaa xiinxalee bira gaheera.

Gabatee 2: Qabiyyeewwan siilabsii Beekumsa Afaaniiratti Xiyyeeffatan

Lakk	Qabiyyeewwan siilabasicaha keessatti sadarkaa sadarkaan dhiyaatan	Kutaa 1 ^{ffaa}	Kutaa 2 ^{ffaa}	Kutaa 3 ^{ffaa}	Kutaa 4 ^{ffaa}
1	Walitti dhufeenya sagaleefi mallattoo.	Barattoonni sadarkaa kanatti mallattoolee baay'ee barbaachisoofi irra deddeebi'anii dhufan iddootti barataniidha.	Barattoonni mallattoolee beekamoo baratan sagalee isaanii waliin walitti fiduun iddootti hubataniidha.	Walitti dhufeenya sagalootaafi mallattoolee kan akka sagalee yookaan irrabuta qaban suuta suuta iddotti qalbeeffataniidha.	Walitti dhufeenya sagalootaafi mallattoolee kan akka sagalee yookaan irrabuta qaban suuta suuta iddootti qalbeeffataniidha.
2	Ergaa kennuu, fudhachuufi qo'annoo jechootaa	Sagaleelee beekamoo walitti fiduun, jechoota beekamoo caasaa walfakkaatoo sadarkaatti baruu jalqabaniidha.	Sagalootaafi mallattoolee isaanii walitti fiduun jechoota caasaa beekamoo ta'an sadarkaa itti shaakalaniidha.	Barattoonni sagaleewwan ciccimoo walitti fiduun suuta suuta sadarkaatti shaakalaniidha.	Dhamjechoota baratan irratti hundaa'uun jechoota walitti fiduusadarkaatti jalqabaniidha.
3	Ergaa kennuu, fudhachuu, walitti fiduufi addaan kukkutuu	Barattoonni dhamjechoota baay'ee beekamoofi ifa ta'an walitti fiduun caasaa jechoota beekamootti gargaaramuun iddootti jechoota hubataniidha.	Barattoonni dhamjechoota beekamoo baratan walitti fiduun, jechoota caasaa beekamoo qaban iddootti hubataniidha.	Barattoonni dhamjechoota beekamoo baratan walitti fiduun, jechoota caasaa beekamoo qaban iddootti hubataniidha.	Sadarkaa kanatti barattoonni caasaa jechoota ciccimoo ta'an sagaloota, birsagoota yookaan dhamjechootatti qoqqooduun iddootti hubataniidha.
4	Jechoota irradeddeebi'anii mul'atan	Barattoonni jechoota sammuutti qabatan faaruu, sagaleefi barreeffama irraa walitti firoomsuun	Barattoonni Jechoota irra deddeebi'anii mul'atan keessaa parsantii 95 hojiirra oolchuun	Jechoota erga baratani booda irradeddeebi'anii dhufan dhufan parsantii 95 hojiirra oolchuun itti	Barattoonni Jechoota irra deddeebi'anii mul'atan keessaa parsantii 95 hojiirra oolchuun itti

		itti fayyadamu.	itti gargaaramu.	gargaaramu.	gargaaramu.
5	Sirrummaa	Barattoonni waan baratan dhuunfaan, barsiisaafi barattoota kaawwani waliin keessa deebi'anii hojjechuu iddootti jalqabaniidha.	Barattoonni waan baratan dhuunfaan, barsiisaafi barattoota kaawwani waliin keessa deebi'anii hojjechuu iddootti jalqabaniidha.	Barattoonni waan baratan dhuunfaan, barsiisaafi barattoota kaawwani waliin keessa deebi'anii hojjechuu iddootti jalqabaniidha.	Waan baratan dhuunfaan, barsiisaafi barattoota kaawwani waliin keessa deebi'anii hojjechuu iddootti jalqabaniidha.
6	Saffisa dubbisuu	Barreeffama walqabataa jecha jechaan dubbisuu kan eegalan ta'usaa.	Saffisa dubbisuu jecha jechaan dubbisuu irraa saffisaan gara gaalee dubbisuutti ce'uu guddifachuu kan eegalan ta'usaa.	Barattoonni saffisa dubbisa isaanii cimsachuuf gaaleerraa darbuun barreeffamoota sirriitti dubbisuu itti gargaaramu.	Barattoonni saffisa dubbisa isaanii cimsachuuf gaaleerraa darbuun barreeffamoota sirriitti dubbisuu itti gargaaramu.
7	Ofibsuu	Barattoonni haala barsiifata isaaniin sadarkaa ofibsuurra kan gahaniidha.	Barattoonni haala barsiifata isaaniin sadarkaa ofii, maatii, firoota ofii beeksisuurra kan gahaniidha.	Barattoonni yaadrimeewwan sadarkaa isaaniitti hagam akka walfakkaatan dorgomsiiisuu eegaluusaanii.	Barattoonni yaadrimeewwan sadarkaa isaaniitti hagam akka walfakkaatan dorgomsiiisuu eegaluusaanii.
8	Ramaduu	Wantotaafi fakkiilee baay'ee beekamoo gareetti ramaduu jalqabuusaanii.	Wantotaafi fakkiilee garee beekamootti ramaduu jalqabuusaanii.	Jechoota wantoota naannoo isaanii ibsaniifi adeemsa keessa cimaa deeman qoqqooduu eegaluusaanii.	Jechoota wantoota naannoo isaanii ibsaniifi adeemsa keessa cimaa deeman qoqqooduu eegaluusaanii.
9	Jechoota guddifachuufi fayyadamuu	Jechoota sadarkaa isaaniitti barataman irradeddeebi'uun haala galumsaan fayyadamuu jalqabu.	Jechoota sadarkaa isaaniitti barataman irradeddeebi'uun haala galumsaan fayyadamuu jalqabu.	Jechoota sadarkaa isaanii naannoo keessaa (haalawa) irratti hundaa'uun barataman ni fayyadamu.	Jechoota sadarkaa isaanii naannoo keessaa (haalawa) irratti hundaa'uun barataman ni fayyadamu.
10	Jechoota barnootaa	Jechoota barnootaa sadarkaa isaaniitti baratan gamtokkeen (ajaja sasalphoo) sirriitti hubachuusaanii. .	Jechoota barnootaa sadarkaa isaaniitti baratan muraasa hubachuusaanii.	Jechoota barnootaa sadarkaa isaanii ni fayyadamuusaanii .	Jechoota barnootaa sadarkaa isaanii ni fayyadamuusaanii.

Madda siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 bara 2006'tti A.L.H. qophaa'erraa fudhatame.

Xiinxalli ragaalee gabatee armaan olii keessatti dhiyaate kun qabiyyeewwan siilabasi Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti yommuu ta'an, isaanis qabiyyeewwan kanneen akka walitti dhufeenya sagaleefi mallattoo, ergaa kennuu, fudhachuufi qo'annoo jechootaa, ergaa kennuu, fudhachuu, walitti fiduufi addaan kukkutuu, jechoota irradeddeebi'anii mul'atan, sirrummaa saffisa dubbisuu, ofibsuu, ramaduu, jechoota guddifachuufi fayyadamuu, jechoota barnootaafi kan kana fakkaatan siilabasi barnoota Afaan Oromoo kana keessatti argaman kun akkaataa sadarkaa barattootaa gidduugaleessa godhachuun kan qophaa'e ta'uusaa odeefkennitoonni (barsiisonni)fi ragaan daawwii dareerraa argame kan mirkaneessuudha.

Qorataanis, yaada odeefkennitootaa (barsiisota), sanadaafi daawwii dareerraa argamerraa ka'ee, siilabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru kun qabiyyeewwan gabatee 2 jalatti ibsaman akkaataa dandeettii barattootaa hanga tokko kan gidduugaleeffate ta'uusaa bira gaheera. Sababiin isaas siilabasiin yommuu qophaa'u wantoota xiyyeeffannaa keessa galchuu qabu waan qabuufidha. Isaanis: haala barattootaa (umrii, fedhii, dandeettii, sadarkaa barnoota barattootaa, afaan, ilaalchaafi kan kana fakkaatan), yoomessa (haalaafi yeroo), madaallii fa'i. Kanaafuu qabiyyeewwan siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru kun gabatee 2 jalatti dhiyaatan kun wantota kanaan yommuu xiinxalaman akka armaan gadiitti dhiyaatu.

Haala barattootaa- Qabiyyeen walitti dhufeenya sagaleefi mallattoo jedhu kun umrii barattootaa waliin kan deemudha. Kunis, osoo barattoonni kutaa tokkoffaa sadarkaa jechaatti hin ce'iin dura walitti dhufeenya sagaleefi mallattoo kan adda baasan ta'uusaati. Kanaaf umrii, fedhii, dandeettii, sadarkaa barnoota barattootaa hanga tokko kan gidduugaleessa godhatedha. Dabalataanis qabiyyeewwan kanneen akka: ergaa kennuu, fudhachuufi qo'annoo jechootaa, ergaa kennuu, fudhachuu, walitti fiduufi addaan kukkutuu, jechoota irradeddeebi'anii mul'atan, sirrummaa saffisa dubbisuu, ofibsuu, ramaduu, jechoota guddifachuufi fayyadamuu, jechoota barnootaafi kan kana fakkaatan kun siilabasiicha keessatti haala barattootaa irratti hundaa'anii tartiiba sadarkaasaa eegeen kan dhiyaataniidha. Akkasumas, haalaafi yeroo barbaadame keessatti wayitiilee adda addaan qoqqoodamanii kan dhiyaataniidha.

Gabatee 3: Seera Madaallii Siilabasii

Kutaa wwan	Fakkeenya Seera madaallii siilabasicha keessatti argamanii						
	To'annaa alidilee	Daawwannaa	Dhiyeessa	Deebii sochii qaamaa	Dabareen dubbachuu	Jechoota maddisiisuu	Cuunfaafi of ibsuu
Kutaa 1 ^{ffaa}	Yeroo ijoolleen sagalee dhageessisa n, jechoota birsaga dhumaa tokko ta'e qabantarrees san barsiisaan daree keessa naanna'uun kan ilaalu ta'uusaa.	Yaadannoo barreeffamaa. Waan mul'atuun agarsiisuu. Jechoota maddisiisuu. Barattoonni deebii isaanii waraqaa xiqqoorratti barreessuu hagam akka hojjetan barsiisaan akka ilaaluuf fuuldura kaa'atu.	Barattoonni waan barsiisaan barsiise hubachuu isaaniif agarsiisu carraan isaaniif kennamuu fi mala yookaan haasaa gabaabaa taasisuusaanii.	Barattoonni gaaffii dhiyaateef sochii qaamaan deebii keenu. Fakkeenyaaf akka barsiifata isaanitti fudhatamaa ta'een harka walitti cufuun banuun mul'isuusaanii .	Barattoonni deebii isaanii dabareen walitti himuusaanii.	Barattoonni waraqaa xiqqoorratti hiika jechootaa walitti firoomsuu akkaataa barsiisaan deebii dhuunfaa isaanii arguu danda'anitti kan kaa'u ta'uusaa Barsiisaan immoo hangam akka isaan dhuunfaan deebisan ilaala.	Barattoonni waan dubbisan yookaan dhagahan hubachuun, muuxannoo dhuunfaa isaanii irraa ka'uun ergaa dhuunfaa isaanii kaa'u.
Kutaa 2 ^{ffaa}	Yeroo barattoonni dubbisan, qubeessan barsiisan daree keessa naanna'uun isaan kamtu akka hubataniifi isaan kamtu immoo gargaarsa akka barbaadan adda kan baafatu ta'uusaa.	Yaadannoo hojii yeroo barannoo barattoonni gareen yookaan dhuunfaan hojjetan yaadannoo gabaabaa barreeffachuu .	Barattoonni dandeettii sirrummaafi of ibsuu guddifatan barsiisaatti yookaan dareetti carraa agarsiisuu qabaachuu maluusaa.	Barattoonni gaaffii gaafatamaniif dhuunfaan sochii qaamaan deebisu. Fakkeenyaaf jecha sirriitti hubachuu isaanii mul'isuuf harka baasu yookaan sochii qaamaa kan biroo fayyadamu.	Barattoonni deebii isaanii dabareen walii qoodu Fakkeenyaaf yaalii qubeessuu, sagaleefi mallattoo walitti firoomsuu	Barattoonni waraqaa xiqqoorratti hiika jechootaa walitti firoomsuu akkaataa barsiisaan deebii dhuunfaa isaanii arguu danda'anitti kan kaa'u ta'uusaa.	Barattoonni waan dubbisan yookaan dhagahan hubachuun, muuxannoo dhuunfaa isaanii irraa ka'uun ergaa dhuunfaa isaanii kaa'u.
Kutaa 3 ^{ffaa}	Yommuu barattoonni hojii daree hojjetan, sagalee olkaasani	Yaadannoo qabachuu: yaadannoo gaggabaabaa n wayitii barnootichaa	Barattoonni carraa dandeettii isaanii guddataa jiru	Barattoonni gaaffii gaafatamaniif dhuunfaan sochii qaamaan	Barattoonni dabareen hiriyaa isaanii cinaa jiru/jiran waliin deebii	Barattoonni deebii isaanii jechootaafi ibsa isaanii waliin akkaataa	Barattoonni waan dhagahan yookaan dubbisani haala miira

	dubbisan, barreessaniif i kkf raawwatan barsiisan keessa deddeemuun barataa kamtu akka hubateefi deeggarsa barbaadu kan hordofu ta' uusaati.	barattoonni gareen yookaan dhuunfaan hojjetan yookaan xumuruurratti kennama.	barsiisaa isaaniifi daree isaaniitti dhiyeessu u danda'uu isaanii.	deebisu. Fakkeenyaaf jecha sirriitti hubachuu isaanii mul'isuuf harka baasu yookaan sochii qaamaa kan biroo fayyadamu.	isaanii yookaan dubbachuu/d ubbisuu sirriitti akka shaakalan taasifamuu qaba.	walsimuun barreessanak ka barsiisaan sadarkaa irra jiran hordofuuf fuuldura isaanii kaa'uusaanii.	isaanii tuqeen muuxannoo barnoota isaaniin hiika isaa calaqqisiisu.
Kutaa 4 ^{ffaa}	Wayitii barattoonni hojii daree hojjetan, sagaleessani i dubbisan, barreessaniif i kkf raawwatan barsiisaan keessa deddeemuun barataa kamtu akka hubateefi deeggarsa barbaadu kan hordofu ta' uusaati.	Yaadannoo qabachuu: yaadannoo gaggabaabaa n wayitii barnootichaa barattoonni gareen yookaan dhuunfaan hojjetan yookaan xumuruurratti kennama.	Barattoonni dandeettii isaanii guddataa jiru barsiisaa isaaniifi daree isaanitti dhiyeessu uf carraa argachuu kan qaban ta' uusaanii.	Barattoonni gaaffii gaafatamaniif dhuunfaan sochii qaamaan deebisu. Fakkeenyaaf jecha sirriitti hubachuu isaanii mul'isuuf harka baasu yookaan sochii qaamaa kan biroo fayyadamu.	Barattoonni dabareen hiriyaa isaanii cinaa jiru/jiran waliin deebii isaanii yookaan dubbachuu/d ubbisuu sirriitti akka shaakalan taasifamuu qaba.	Barattoonni deebii isaanii, jechootaaf ibsa isaanii waliin akkaataa walsimuun barreessan akka barsiisaan sadarkaa irra jiran hordofuuf waraqaa xiqqoorratti barreessuun fuuldura isaanii kaa'uu qabu.	Barattoonni waan dhagahan yookaan dubbisani haala miira isaanii tuqeen muuxannoo barnoota isaaniin hiika isaa calaqqisiisu.

Madda siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 bara 2006'tti A.L.H. qophaa'erraa fudhatame.

Akka ragaan daawwannaa dareerraa argame ibsutti, siilabsiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 fakkeenya tooftaalee madaallii kanneen akka: to'annaa alidilee, deebii sochii qaamaa, daawwannaa, dabareen dubbachuu, kaardii ba'insaa, jechoota maddisiisuu, dhiyeessuu, waan mul'atuun agarsiisuu, qajeelfama keessa deebii, daawwannaa yaadannoo barreeffamaa, shaakala sirnaawaa daree keessaafi to'annoo ga'umsa ijoollee, cuunfaafi ibsa, fakkiidhaan dhiyeessuu, barattoonni gaaffii deebisuu, barsiisaan hojii jiru to'achuu asiifi achi daree keessa naanna'a, qindoomina giraafotaa (barattoonni odeeffannoo qindeessuun, walitti hidhuufi hariiroo qaban giraafii adda addaan qindeessuu qabu) fi kan kana fakkaatan kun akka odeeffkennitoonniifi

ragaan daawwii dareerraa argame ibsutti barsiisotaafis ta'e barattootaaf fakkeenya tooftaalee madaallii mijatoo akka ta'e qorannoon kun mirkaneessa.

Odeeffennitoonni (barsiisonni) akka ibsanitti akkasumas akka ragaan daawwannaa dareerraa argametti siilabasichi fakkeenya tooftaalee madaallii walitti fufiinsaa qabu ofkeessatti kan qabatedha. Madaalliin walitti fufiinsaa qabu yookaan madaalliin barnootaa bara barnootichaaf kan itti hammatamuu qabu kaayyoonsaa barsiisichaaf akka inni qajeelfama qajeelfama beeksisuuf yaada kennuudha. Barattootaafis maatiisaaniifis akkasuma odeeffannoo nikenna. Odeeffannoon kunis, akka qajeelfama dubbisuu adda baasaniif akka barsiisonni fedha barattootaaf deebii kennaniif nigargaara. Kaayyoon guddaa madaallii walitti fufiinsaa barumsa barattootaa fooyyessuudha.

Akka ragaan siilabasicharraa fuula torba gubbaatti ibsutti, siilabasichi mala hedduu beekamoo tahan kanneen akka shaakala waldeeggarsaa, too'annaafi daawwannaa alidilee, yaada utubaa deeggarsaafi qaajeelfama sadarkaawwan dubbisaa fa'itu dandeettiiwwan garaagaraaf tajaajilan dhiyeessa; garuu tooftaawwan hedduu kaayyoowwan garaagaraaf tajaajilan yookaan tajaajiluu qaban nijiraatu; isaanis:

- Shaakala waldeggarsaa-Barattoonni warra kaan waliin tahuuf waliigaluun, yaadrimeewwan hubatan gabbisuuf, akkasumas ibsuuf sochii gochuun carraa niqabaatu. Barsiisaan yommuu barattoonni gareen hojjetan daawwachuuf, akkasumas bu'aan isaan gareefi dhuunfaan argatan (fakkeenyaaf, seenaa isaan gareen waliin , akkasumas, ibsa miseensonni garee fakkeenyaan godhan) gaafachuu nidanda'a.
- Too'annaafi Daawwannaa Alidilee-Kun kan inni raawwatu yommuu barattoonni ogummaa tokko shaakala yookaan yommuu isaan hojii dhuunfaa yookaan garee hojjetaniidha. Barsiisaan daree keessa naanna'uun barattoonni isaan kam akka isaanii galeefi isaan kamimmoo akka gargaarsa baayyee barbaadan ni hordofa.

Barsiisaan yommuu irra naanna'uun daawwatu, yaadannoo barreeffamaa (qabsiisa) yookaan yaadannoo daawwannoo qabaachuun barbaachisaadha. Yaadannoowwan akkasii fakkeenyaaf:

- ✓ Yaadannoo Seenaa: yaadannoo gabaabaa yommuu barattoonni garee yookaan dhuunfaan hojjetan yookaan erga barattoonni xumuranii booda fudhatamu. Barsiisichi dhimma murtaawaa barnootichaa tokkorratti yaada kennuu qaba.

- ✓ Yaadannoo Barreeffamaa Seenaa: Qabsiisa bifa daawwannaa dhuunfaa yookaan qabsiisa kutaa kutaan barattootaaf dhuunfaan qoqqoodame. Tooftaa kanaan daawwannaan barattoota dhuunfaa hundaatu walitti qabama; yeroo keessa barumsa barataafis haala nimijeessa.
- Yaada Utubaa Deggersaa- Barattoota hubannoo isaanii amma jirurratti beekumsa dabalataa argatu. Hojiin deebii sirrii dhagahuurra akkasaan deebii sirrii ofiin argataniif nijajjabeeffamu. Tooftaan kun, yaadrimee wanta beekamaa taheerraa gara wanta hinbeekamiinitti cehuu kallattiidhumaan nideggera.
- Qajeelfama Sadarkaawwan Dubbisaa- Barsiisichi sadarkaawwan dubbisaa barattootaa nimurteessa; akkasumas barruuwwan akkasaan walsimatan nimirkaneessa. Barattoonni barruuwwan qajeelfama sadarkaawwan dubbisaa isaan faana deemu dubbisu yoo ta'e, barruu dubbisuudhaaf hubachuuf baayyee cimaa, akkasumas baayyee salphaa hintaane waliin qunnamtii uumu. Yoo barattoonni dogoggoraa dubbisa afaanii hedduu uuman, kun sadarkaan barreeffamichaa cimaa tahuusaaf, guddinni dubbisuu danqamuusaa mul'isa. Barattoonni barruu fudhatama qabu dubbisaa jiraachuusaanii mirkaneeffachuun, karaa addaa ittiin barsiisonni qajeelfama fedha barattoota maraa adda baasaniidha.

Dabalataanis siilabasichi fuula torbaafi saddeet gubbaatti cuunfaa tooftaa madaallii beekamoo tahaniifi siilabasicha keessatti argamanii fakkeeniyota waliin dandeettiiwwan murtaa'oo fayyadamuun dhiyeessa. Isaanis:

- Qajeelfama keessa deebii- Barattoonni barnoota darberraa ka'uun gaaffiiwwaniif deebii kennu, akkasumas waan baratan himu. Barsiisaan odeeffannoo kana daandii barattoonni amma irra jiru murteessuuf itti gargaarama.
- Jechoota agarsiisuu- Barattoonni waraqaa xiqqorratti deebii barreessuun fuuldura kaa'uun dhuunfaatti akkaasaan itti deebisan akkataasaan itti deebisan akka barsiisaan ilaalu godhu. Kun daree bal'aa keessatti sirriitti hojjeta.
- Deebii sochii qaamaa- Barattoonni dhuunfaan gaaffiiwwan gaafatamaniif deebiisaanii sochii qaamaan agarsiisu. Quba guddaa ol/gadi gochuun, quboota harkaa cufuuf banuun, akkasumas lakkoofsa qubaan agarsiisuun, kanneen fakkaatan karaa ittiin barattoonni deebii kennan keessaa muraasa.
- Dhiyeessa- Barattoonni hanga guddina hubannaasaanii dareef dhiyeessuuf carraa qabu.

- Cuunfaafi Yaada- Barattoonni tasgabbaa’uun deebiisaaniifi yaadasaanii barattoota tokko yookaan lama isaan cinaa jiran wajjin waliihiru. Barsiisichi kutaa keessa naanna’uun adeemsa jiru to’ata.
- Fakkiin Mul’isuu- Barattoonni jechootaaf fakkiiwwan fayyadamuun hubannoo argatan mul’isu, akkasumas, hidhata qabaniif dandeettii waa sammuutti qabachuu gabbifatu, duubas argamsa seeccaatii odeeffannoo mijeessu.
- Kaardii Bahiinsaa- Waraqaa kaardii xixiqqoo yommuu barattoonni daree bahan barsiisichatti kennan yookaan balbala dura kaa’an. Barattoonni maqaasaanii barreessanii gaaffiis deebisaniiru, rakkoo jiruuf furmaata kennaniiru yookaan hubannoowwansaanii cuunfaan kaa’aniiru.
- Unkaa Madaallii- Ulaagaa kaa’amerratti hundaa’uudhaan barattoota, “cimaa jirta”, “gaariidha” jechuun madaaluu kanneen jedhan siilabasicha keessatti dhiyaataniiru.

Walumaagalatti, akka odeefkennitoonnii (barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa Iffaa kutaa 1-4 fiichee)fi ragaan siilabasicharraa ibsutti siilabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru seera madaallii walitti fufiinsaa hanga tokko kanhordofe ta’uusaati. Qoratichis, yaada odeefkennitotaafi ragaa siilabasicharraa argateerraa ka’ee, siilabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru fakkeenya tooftaalee madaallii dandeettii barattootaa hanga tokko gidduugaleessa kan godhate ta’uu bira gaheera.

Gabatee 4: Tooftaalee Baruu barsiisuu Siilabasichaa

Siilabasii	Fakkeeniyota Tooftaalee Baruu barsiisuu Siilabasicha keessatti argaman
barnoota	Adda baasuu- Barattoonni waa'ee jechootaa akka adda baasan kan godhudha.
Afaan	Lakkaa'uu- Baay'ina birsagoota jecha keessaa, jecha hima keessaa lakkoofsisuu.
Oromoo	Walitti fiduu- Yeroo barsiisaan qubeelee walitti fidu, barattoonni sagalee adda
Kutaa 1-4	baasanii himuunagarsiisu.
keessatti	Addaan Kukuluu- Barattoonni jecha waamuun, birsagoota keessa jiran tokko tokkoon akka himan kan taasisuudha.
	Jecha uumuu- Barattoonni jechoota birsagatti qooduun, yookaan birsagoota walitti fiduun jecha haaraa uumuu.
	Fayyadamuu- haquu, ida'uu, bakka buusuu.
	Beekumsa duubee cimsuu- Dubbisuun dura muuxannoofi beekumsi barattoonni qaban dadammaqsama.
	Tilmaamuu- Mataduree, fakkiileefi jechoota murteessoo irratti hundaa'anii waan dubbisuuf deeman akka tilmaaman gaafachuu.
	Marii garee xiqqaa- Barattoonni agarsiisa barsiisaa irraa argamutti gargaaramuun waa'ee isaa irratti garee xiqqaan akka marii taasisan gaafachuu.
	Arga yaadaa- Barattoonni waan dubbisan akka sammuu isaanii keessatti fakkii kaasaniifi hubatanii carraa kennuu.
	Gareen barreessuu- Barsiisaan moodelii ta'ee seenaa tokko gareen barreessuu haala mijjeessa. Kunis odeeffannoo barattoota irraa guuree hima ittiin ijaarsisa.

Madda siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 bara 2006'tti A.L.H. qophaa'erraa fudhatame.

Akka gabatee armaan oliirraa hubatamutti, fakkeenyonni tooftaalee baruu barsiisuu siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti dhiyaatan kanneen akka: adda baasuu, lakkaa'uu, walitti fiduu, sochii afaanii (barattoonni akkaataa sagaleeleen afaan keessatti uumamu baru), quba isaaniin qilleensarrattii qubee barreessuu, ergaa dabarsuu, jecha uumuu, moodelii, gochaalee barreessuun duraa, carraa shaakala hedduu dhiyeessuu, deebii sochii qaamaa,

tilmaamuu, gaafannoo, yeedaloo, fayyadamuu (haquu, dabaluu), jechoota irra deddeebiin mul'atan, gabatee irratti jechoonni maxxanfaman, qajeelfama kallattii, beekumsa duubee cimsuu, arga yaadaa, marii garee xiqqaa, irra deddeebi'anii dubbisuu, yeroo barbaachisaa ta'e gabateefi fakkiileetti fayyadamuu, iftooma (tarsiimoo dandeettii dubbisuu ga'umsa qabu guddifachuun dubbisa dura, yeroo dubbisuufi dubbisa booda kallattiin gargaaramuun dirqama), cuunfaa, keessa deebii, dabareen dubbachuu, shaakala sirnaawaa, agarsiiftota fayyadamuu, ergaa dabarsuu, ulaagaa madaallii qopheeffachuu, ibsa bal'aafi kan kana fakkaatan tooftaalee baruu barsiisuu afaan dhalootaa siilabasicha keessatti argaman yommuu ta'u, isaaniis akka qorattichi daree seenee daawwannaa gaggeessetti hanga tokko kan hojiirra oolaa jiran ta'uusaa qorannoon kun mirkaneessa. Kunis hanga tokko hojiirra oolmaan isaa kan mirkanaa'e ragaa daawwannaa dareerra argameeniidha.

Dabalataanis, akka odeeffkennitoonni(barsiisonni) ibsanitti yookaan akka ragaan siilabasicharraa mul'isutti siilabasiin barnootaa Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru mala baruu barsiisuu Afaan dhalootaa hanga tokko kan hordofedha. Fakkeenyaaf akka barsiisaan mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa tokkoffaa ibsutti, malli baruu barsiisuu walitti makuufi addaan qoqqooduu jiraachuusaa kan ibsuudha. Kutaa qaamolee jechaa walitti makuufi addaan qoqqooduu irratti kan xiyyeeffatu ta'ee barattoonni ogummaa dubbisuufi barreessuu hanga tokko akka gonfatan taasisa.

- ❖ Walitti Makuu: Mala kana jalatti barattoonni sagaleewwan yookaan qaamolee jechaa qofa, qofaatti sagaleessu. Sana booda, walitti makaniis altokko sagaleessu. Kanaafuu ogummaan kun mala baruu barsiisuu afaan dhalootaaf baayyee filatamaadha.
- ❖ Addaan Qoqqooduu: Mala kana jalatti barattoonni jechoota qaama jechaatti hinqoodamin nisagaleessu. Sana booda, sagaleewwanitti yookaan qaama jechaatti qoqqooduun adda addaatti sagaleessu.

Walumaagalatti, maloanni kunis akka barattoonni sagaleewwan walitti fidanii birsagaafi jecha uumuu danda'an kan gargaaruudha. Akkasumas, jechoota akka birsagatti qoqqooduu danda'an kan taasisuudha.

Dabalataanis akka odeeffkennitoonni ibsanitti siilabasiin barnootaa Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru irratti maloanni baruu barsiisuu kanneen akka nanhojjedha (I do), nihojjennaafi (We do) nihojjettu (you do) kan jedhan ni jiru. Malleen baruu barsiisuu kanneen keessattis:

- ❖ Nanhojjedha (I do)- Yeroo kana barsiisonni qofaa isaanii hojjechuun barattootatti agarsiisu.
- ❖ Nihojjena (We do)- Malli baruu barsiisuu kun immoo, barattoonniifi barsiisonni waliin kan hojjetaniidha.
- ❖ Nihojjetu (You do)- Malli baruu barsiisuu kun immoo, wanta barsiisonni hojjetanii agarsiisaniifi wanta barattoonni barsiisota isaanii waliin hojjetan qofaa isaanii hojjechuun mala ittiin waabarataniidha.

Walumaagalatti, odeefkennitoonni (barsiisonni) ibsanitti, akkasumas akka ragaan siilabasicarraa mul'isutti: barattoonni jalqaba wanti akka ofii godhan gaafataman jalqaba utuu barsiisaan godhuu ilaalu, achiin booda gochicha barsiisichaaf daree guutuu faana raawwatu; dhumarratti dhuunfaan yookaan gareen gochicha raawwataniif gaafatamu. Tooftaawwan kun yommuu barattoonni hojiin haaraa isaan mudatu caalaa akka ofitti amanuu danda'an gochuun isaan gargaara. Dalagaawwan irra caalaa walxaxoo tahaniif kan keessumattuu yommuu jechoota baruu, dubbisuu hubachuuf akkasumas tooftaa dandeettii barreeffamaa guddisuuf nigargaara.

Qorataanis yaada odeefkennitootaafi ragaa siilabasicarraa argatteraa ka'uun siilabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru mala baruu barsiisuu afaan dhalootaa kan hordofe ta'uusaa bira gaheera.

4.2. Haala Dhihaatina Gilgaalarratti Xiyyeeffate

Akkaodeefkennitoonni (barsiisonni) yaada kennanitti yookaan akka ragaan daawwannaa dareerraa argame mul'isutti siilabasichi kaka'umsa sirna barnootaa qabu ta'ee, adeemsa baruu barsiisuu keessatti dhihaatina gilgaala irratti xiyyeeffate kan hordofuudha. Afgaaffii waa'ee gilgaalaa ilaalchisee qophaa'ee irratti akka barsiisonni kutaa tokkoffaa barsiisaan tokkoofi barsiistuun tokko ibsanitti gilgaalonni kitaaba barataa keessa jiran:

- Gilgaalonni jiran kaayyoo kan qabaniidha.
- Gilgaalonni jiran kaayyoo itti fayyadama afaanii keessatti qabiyyeewwan waliin kan walitti hidhameedha.
- Gilgaalonni kennaman dandeettii barattootaa waliin kan walsimuudha.
- Gilgaalonni kennaman fedhii barattootaa giddugaleessa kan godhatedha.

- Gilgaalonni dhiyaatan akka barattoonni yaadaniifi hojjetan kan taasisuudha.

Bifuma walfakkaatuun, qophii gilgaalaa irratti odeefkennitoonni (barsiisonni) akka deggeraniitti gilgaalonni jiran sirna barnootaa (curriculum) keessatti maal qabachuu akka qaban hanga tokko kan ibsuudha. Walumaagalatti gilgaalonni galumsa (context) baruu barsiisuufi tooftaawwan akka gareen hojjetaniin kan qindeeffameedha.

Yoo dhihaatina garee irratti xiyyeeffate fayyadaman barattoonni haala salphaan hiika jechootaa (vocabulary) nibaratu. Sababni kanaas, hiikni jechoota adda addaa garee adda addaa keessatti argamu walitti dhufa waan ta'eefi. Odeefkennitoonni (barsiisonni) akka jedhanitti wanti akkasitti bifa ifa ta'een qoqqoodame barattootaaf bifa salphaa ta'een hiika jechootaa akka baratan isaan taasisa.

Dabalataanis, odeefkennitoonni (barsiisonni) akka ibsanitti gilgaalonni sun itti fayyadamuuf barsiisotaafis ta'e barattootaafis baay'ee ifaafi salphaa kan ta'eedha. Kunis, barsiisotaafis ta'e barattootaaf hubachuuf qajeelfamaafi fakkeenya ifaafi salphaa ta'een kan qophaa'eedha.

Gilgaalonni adda addaa shaakalliif qophaa'uun isaanii barattootaaf akka isaan dandeettii afaanii shaakalan isaan taasisa. Gilgaalonni hundi isaanii kaayyoofi galumsa ifaa ta'een akka barattoonni hojjetan kan taasisuudha. Walumaagalatti, walgitinsa gaarii gilgaala barachuu duraa, gidduufi boodaafi barattoota gara daree hirmaannaa gaarii yookaan ho'aa ta'etti kan geessuudha. Dalagaan barreessuu kan qophaa'e akkaataa adeemsa dhihaatina sirna barnoota afaaniini. Gilgaalonniifi dalagaawwan kun barattoota gama xinqooqaanis (linguistics) kan gargaaruudha. Qajeelfamni ifaa ta'e barattoonni dandeettiwwan adda addaa akka gonfatan kan taasisuudha. Gilgaalota yookaan dalagaawwan keessatti kaayyoon barreessuufi xiyyeeffannoon barattootaa bifa ifa ta'een kan adda bahee ta'eedha. Kun immoo barattoonni gilgaala kenname karaa sirrii ta'een akka hojjetan isaan gargaara.

Qorataanis, yaada odeefkennitootaafi ragaa daawwannaa dareerraa argamerraa ka'ee, siilabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru haala dhihaatina gilgaalarratti xiyyeeffate hanga tokko kan jajjabeessu ta'uusaa bira gaheera.

4.3. Qindeeffama Siilabasichaa

Akka odeeffkennitoonni (barsiisonni) ibsanitti siilabasiin barnootaAfaan Oromoo kutaa 1-4 jiru kun kutaa kam keessatti semisteera kamitti dandeettiin kam baratamuufi barsiifamuu danda'amuun hanga tokko kan qophaa'eedha. Akkasumas fakkeenya tooftaa barsiisuufi madaalliiwwaniifi ergaa darbuu qabu hanga tokko nikenna.

Siilabasichi qabiyyeewwan bu'uuraa dubbisuu shanan (Hubannaa Dhamsagaa, Hubannaa Qubdhamsagaa, Dandeettiiwwan Fayyadama Afaanii Saffisaafi Sirrii, Jechootaafi Hubannoo) akkasumas dandeettiiwwan afdubbii (dubbachuufi dhaggeeffachuu), dubbisuufi barreessuu irratti kan hundaa'eedha.

Akka ragaan siilabasicharraa fuula lama gubbaatti ibsutti, siilabasichi haala armaan gadiin qindaa'e:

- Kutaafi Semisteera-Siilabasichi sadarkaa kutaafi semisteeraan dhiyaate. Dandeettiiwwan kutaa tokkoofi semisteera tokko keessatti hammataman bu'ura kutaafi semisteera itti aanuu yommuu tahan tokkoon tokkoon kutaafi semisteeraa adeemsaan dandeettiiwwan guddisuuf isaan duraan turanirratti ijaaramu.
- Qaamota dubbisuufi barreessuu- Daangaafi sadarkaa ciminaa kutaadhaa kutaatti garaagarummaa yoo qabateeyyuu, qaamonni dubbisuufi barreessuu hundi kutaa hundatti (1-4) ni argamu. Dandeettiiwwan kutaa keessa jiran xixiqqoon duraa duuba qajeelfamaan akka hintarreeffamne hubachuun barbaachisaadha; sababa irra caalaan dandeettiiwwan tokkoon tokkoon semisteeratti waliin gabbifamuu qabaniif.
- Tooftaawwan barsiisuuf madaallii- Fakkeenyonni barsiisuufi tooftaa madaallii semisteera maraaf akkasumas qaamota dubbisuu/barreessuuf kennameera. Tooftaawwan kunneen istiraateejii waliin tahuun ofdandahuufi waldeggeruun barachuu dabalata. Fakkeenyota kanaan dabalata tooftaawwan jiran biroo barsiisonni akka fayyadamaniif nijajjabeeffamu. Tooftaawwan kutaa qaamota keessa jiran xixiqqoon duraa duuba qajeelfamaan yookaan dandeettii murtaa'aa tokkoon yookaan qaama xiqqoon walqabatee akka hintarreeffamne hubachuun barbaachisaadha.; sababa tooftaawwan jiran irra caalaan isaanii dandeettiiwwan hedduu waliin tajaajilarra ooluu

danda'aniif, akkasumas duraa duubni isaanii qajeelfamoota jiran keessatti adda addummaa qabaachuun dirqama waan taheef.

- Ergaawwan- Ergaawwan qajeelfama sirna barnootaaf akka tahaniif deggersa argatan keessatti haammatamaniiru; yaadrimeewwaniif jechootni bu'uuraa dandeettii dubbisuu, barreessuufi Afaanii guddisuu keessatti hammatamuu qaban akkasuma agarsiifamaniiru.

Qorataanis yaada odeefkennitootaafi ragaa siilabasicarraa argatteraa ka'uun siilabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru kunqindeeffama sirrii kanneen akka qindeeffama kutaafi semisteeraa, qindeeffama qabiyyeewwanii, qindeeffama tooftaawwan madaallii semisteera maraaf ta'u, qindeeffama ergaawwan sirna barnootaaf ta'u hanga tokko kan of keessaa qabu ta'uusaa bira gaheera. Kunis akka daawwannaa dareerra argametti kutaa keessatti hanga tokko kan hojiirra oolan ta'uusaa qoratichi bira gaheera.

4.4. Koornaayaafi Hirmaannaa Fayyadama Afaaniirratti

Akka odeefkennitoonni ibsanitti meeshaan barnootaa Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiran koornayaaf xiyyeeffannaa kan kennaniifi akkasumas dubartii, dhiiraaf namoota qaamni miidhamoo tahan irratti bifa walqixa ta'een kan qophaa'eedha.

Akka ragaan siilabasicarraa fuula shan gubbaatti ibsutti koornayaafi hirmaannaa ilaalchisee sadarkaawwan jechaatti, sadarkaa seerlugaatti, sadarkaa dubbii qolaa fayyadamuu keessatti maal ta'uu akka qabu ibsa. Kunninis:

- Sadarkaa jechaatti, jechoota hiika hintaane qabaniif ilaalcha dogoggoraa calaqqisiisan hubachuu qabdu. Akka qajeelfamaatti gaaffiiwwan itti aananii jiran kana fayyadamaa: jechoota ilaalcha dogoggoraa uuman yookaanis kan arrabsoo tahan fayyadamaa jirraa? Fakkeenyaaf gaalee “nama maraate” jedhu “nama sammun dhibame” gaalee jedhuun bakka buusaa.
- Sadarkaa seerlugaatti, bamaqoota akka “isa”, “ishee”, akkasumas maxxantoota (duraa, gidduufi boodaa) kanneen xumurtoota, maqaafi maqibsiirratti maxxanuun koornayaa dhalaafi dhiiraa agarsiisan sirriitti hubadhaa. Akka qajeelfamatti gaaffiiwwan itti aananii jiran fayyadamaa: jechoota yookaan maxxantoota ilaalcha sirrii hintaane yookaan

arrabsoo tahan fayyadamaa jirraa? Fayyadama bamaqaalee, maxxantootaa, xumurtootaafi maqibsiwwaniin madaalliin sirrii saalaa jiraachuusaa mirkaneeffadhaa.

- Sadarkaa dubbii qolaan fayyadama mammaaksaafi jechamootaa ilaalcha godhee koorniyaa akkasumas, fedha addaa waliin walqabatee uumaman hubadhaa jechuun lafa kaa'a.

Akka ragaan daawwannaa dareerraa argame ibsutti meeshaaleen barnootaa kun koornayaafi hirmaannaa hanga tokko gidduugala godhatee kan itti barsiifamudha.

Akka ragaan sakatta'a sanadaa, odeefkennotootaa (barssiisotaa)fi daawwannaa dareerraa argame ibsutti hanqinoonni qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti argaman kanneen akka tartiiban dhiyaachuu dhabuu sagaleewwan dubbii, qubee dubbifamaafi dubbachiiftuu adda baasuu dhabuu, dogoggora qubee haaraa uumuufi dogoggora akkaataa sagaleessuu qubeewwan Afaan Oromoo fa'itu argamu.

Gabatee 5: Hanqinoota Qabiyyeewwan Siilabasii

Lakk.	Hanqinoota siilabasii Afaan Oromoo
1	Tartiibaan dhiyaachuu dhabuu qubeewwanii
2	Qubee dubbifamaafi dubbachiiftuu adda baasuu dhabuu
3	Dogoggora qubee haaraa uumuu
4	Dogoggora akkaataa sagaleessuu qubeewwan Afaan Oromoo

Xiinxalli ragaalee gabatee shankeessatti dhiyaate kun hanqinoota qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 irratti kan xiyyeeffatan yommuu ta'u, xiinxalli isaaniis akka ragaa odeefkennitootaa, sakatta'a sanadaafi daawwii dareerraa argametti ibsutti akka armaan gadiitti tokko tokkoon xiinxalameera.

4.5. Tartibaan Dhiyaachuu Dhabuu Qubeewwanii

Akka odeefkennitoonni (barsiisonni) kutaa tokkoffaafi kutaa lammaffaa ibsanittiifi akka ragaan daawwannaa dareerraa argametti qubeewwan (sagaleewwan dubbii) Afaan Oromoo meeshaa barnootaa kana keessatti akka dhiyaatetti tartiibaan kan kaa'u miti yookaan iddoo tokkotti kan

dhiyeessu miti. Jechuun A, B, C, D ... Z jechuudhaan osoo hin ta'iin jalqaba qubee L yookaan qubeewwan Afaan Oromoo dur barattoonni beekaniin osoo hin ta'iin gidduu gidduutii fudhatee kan barsiisu ta'uusaa ibsu. Kun immoo akka barattoonni fedhanitti miti. Akka siilabasichaatti yookaan qophii sirna barnoota (meeshaalee barnootaa) Afaan Oromoo kutaa 1-4'tti qubeen L'n qubeewwan sagaleewwan dubbii deddeebitee (frequency) dhufuudhaan qubeewwan kaan waan caaltuuf salphaatti barattoonni hubachuu danda'u waan jedhu jira.

Akkasumas, qubeewwan yookaan sagaleewwan dubbii kaan caalaa barattoonni salphaatti sagalee dubbii kana bocuu danda'u waan jedhu jira. Kun immoo barattoonni salphaa irraa gara cimaatti akka deemaniif isaan gargaaruu danda'a. Haa ta'u malee, mana isaaniittis haa ta'u naannoo isaanitti qubeewwan yookaan sagaleewwan dubbii Afaan Oromoo A, B, C, D ... Z'tti jedhanii sammuu isaaniitti qabataniiru. Maatiin isaanis inni baratees inni hin barannes kanaan beeka. Garuu, kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa tokkoffaa keessatti jalqaba barattoonni yommuu kitaaba isaanii banan/saaqan sagalee dubbii yookaan qubee L argu. Kun immoo waan duraan beekan waliin walrukkuta. Akkasumas, yommuu mana galanii maatii isaaniitti himan waliigaltee dhabu. Kanaafuu, qubeewwan yookaan sagaleewwan dubbii Afaan Oromoo gidduutii fudhatanii barsiisuun barattootaaf, maatii barattootaaf, barsiisota afaanicha barsiisaniif akka danqaa/gufuutti kan ilaalamuudha.

Waa'ee tartiiba qubee ilaalchisee, akka barsiistuun mana barumsaa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa Fiichee kutaa tokkoffaa barsiistu ibsitutti:

Qubeewwan A-Z'tti walduraa duuba eegee osoo hin ta'iin deeman gidduu gidduutii sagalee qubee fudhatanii jecha ijaaruu. Kun immoo dandeettii isaanii irratti dhiibbaa qaba. Yeroo irra deddeemnee itti himne akkanatti barreeffama akkanatti dubbifama jennee walduraa duubaan yoo deemne gaarii ta'a. Kunis A-Z'tti tartiiba eegee hindeemu. Gidduu keessaa kaasee gara dhuma kan jiru itti aansa, kan jalqabarra jiru immoo gara dhumaatti fida. Walmakaa waan ta'eef, A.B.C.D. jedhanii A-Z'tti walduraa duuba eeganii afaan isaanii qabatanii jechas akkasumatti dubbisuus dandeettii isaanii cimsuuf baay'ee isaan rakkisaa jira.

Dabalataanis, waa'ee tartiiba qubeewwan (sagalee dubbii) Afaan Oromoo ilaalchisee Aartistoonni Oromoo tartiiba ittiin ibsan qabu. Isaanis qubee Afaan Oromoo tartiiba A, B, C, D, ..., Z jechuudhaan weellisu. Kun immoo tartiiba qubee Afaan Oromoo meeshaalee barnoota kana keessatti ibsame waliin walrukkuta. Fakkeenyaaf weellisaa kabajamoo Dr. kabajaa Alii Birraa "A, B, ... jennee jalqabna qubee Afaan Oromoo" jedhee weellisuudhaan waa'ee tartiiba

qubee Afaan Oromoo sammuu hawaasa Oromoo keessatti uumee jira. Kanaaf, kun waan nutti agarsiisu qaba. Kana jechuun qubeen Afaan Oromoo sammuu uummata Oromoo keessatti kan bocamee jiru tartiiba A, B, C, D, ..., Z jedhuun yommuu ta'u, barattoonnis kanuma maatii isaanii qabatani jiru. Dabalataanis ijoolleen waa'ee qubeewwan Afaan Oromoo kana bifa faaruu ijoolleettiin tartiiba A, B, C, D, ..., Z jedhuun maatii, naannoo isaanii, Televiiziniifi kan kana fakkaatan irraa waan barataniif tartiiba isaa jijjiiruun filatamaa miti. Kanaaf siilabasiin kun gama tartiibaan dhiyaachuu dhabuu qubeewwaan (sagalee dubbii) Afaan Oromoo hanqina kan qabu ta'usaa bira gahameera.

Akka moodeloota sirna barnootaatti moodelli kaayyoo yookaan haaromsi sirna barnootaa akka jedhutti: Hojiin sirna barnootaa waan hedduun waan walqabatuuf kaayyoon isaa yommuu jijjiiramu barumsa hawaasummaa, diinagdeefi siyaasa jiruun walsimachuu qaba. Akkasumas sirni barnootaa dhimma hawaasaafi tajaajila hawaasaa irratti hundaa'ee waan dhugaa mul'isuu qaba.

Yaada kana ilaalchisuun I.S.P Nation and John Macalister (2010:I) gubbatti sirna barnootaa yommuu ibsan:

“Curriculum, or course, design is largely a “how-to-do-it” activity that involves the integration of knowledge from many of the areas in the field of Applied linguistics, such as language acquisition research, teaching methodology, assessment, language description and materials production.”

Akka ibsa kanarraa hubatamutti, sirni barnootaa irra caalaaatti kan xiyyeeffatu dalagaawwan yookaan gochaawwan beekumsa waliin walqabsiisuun “Akkamitti hojjechuun danda'ama” gama naannoo adda addaatiin karaa dirree xinqooqa hujoon. Isaan kunis: qorannoo Afaan argachuu, malawwan barsiisuu, madaallii, ibsa afaaniifi qophii meeshaalee fa'i. Kanaafuu, sirna barnootaa bocuu keessatti gochaawwan adda addaa walqabsiisamuun kan raawwatamaniidha. Isaan kunis malawwan adda addaa, tooftaalee maddallii, waa'ee afaan sanaa hubannoo keessa galchuufi qophii meeshaalee barnootaa hubannoo keessa galchuun barbaachisaadha.

Kanaaf meeshaalee barnootaa osoo hin bociin dura fedhiwwan adda addaa sakatta'uun barbaachisaadha. Fedhiwwan kunis gaaffii “maaliif?” jedhu irraa ka'a. Gaaffiiwwan kana deebisuuf immoo fedhiwwan sakatta'uun barbaachisaadha. Fedhiwwan kunis fedhii

barattootaa, fedhii maatii barattootaa, fedhii mootummaa, fedhii barsiisotaa, fedhii hojjetootaafi kan kana fakkaatan sakatta'uun meeshaalee barnootaa waliin walsimsiisuun meeshaalee barnootaa bocamu keessatti hanqina hin uumu. Meeshaalee barnootaafi fedhii barattootaa kanas yommuu walsimsiisnu akkaataa barattoota naannoo isaanii ilaalcha keessa galchuu qabna.

Qorataanis, yaada odeefkennitootaafi daawwannaa dareerra ka'ee, siilabasiin barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru kun hanqina tartiibaan dhiyaachuu dhabuu qubeewwan (sagalee dubbii) Afaan Oromoo kan qabu ta'uusaa bira gaheera. Sababiin isaa akka qoratichi ibsutti meeshaan barnootaa kunqubee Afaan Oromoo L.A.M.....jedhee kan dhiyeessu ta'uusaa bira gaheera. Kun immoo dogoggoraadha.

Sababiin isaas uummata Oromoo biratti qubeen Afaan Oromoo tartiiba A.B.C.D...Z jedhee sammuu keessatti bocamee jira. Kun immoo yoomiyyuu sammuu uummata Oromoo keessaa hin bahu. Kanaaf immoo meeshaan barnootaa akka sirna barnootaatti yommuu bocamu fedhii barattootaa yookaan hawaasa sanaa gidduugaleessa godhachuu qaba.

4.6. Qubee Dubbachiiftuufi Dubbifamaa Adda Baasuu Dhabuu

Akka odeefkennitoonni (barsiisonni) ibsanitti, meeshaan barnootaa Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru qubeewwan (sagaleewwan dubbii) Afaan Oromoo dubbachiiftuufi dubbifamaa jedhee adda baasee wanti dhiyeessu yookaan barsiisu hin jiru. Qubeewwan dubbifamaas ta'e dubbachiiftuu walumatti makee yookaan osoo adda adda hin qoodiin kan dhiyeessuudha. Kun immoo barsiisota afaanicha barsiisaniif gaaffii kan ta'eedha. Akkasumas barattoota afaanichaan barataniif qubeewwan (sagaleewwan dubbii) dubbachiiftuufi dubbifamaa adda baasuun isaan rakkisaa akka jiru odeefkennitoonni (barsiisonni) kan ibsaniidha. Kanarraa kan ka'e barattoonni qubeewwan(sagaleewwan dubbii) dubbachiiftuufi dubbifamaa adda baasanii hubachuun isaan rakkisaa jira.

Qoratichis, yaada odeefkennitootaa (barsiisotaa) irraa ka'ee meeshaan barnootaa Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru kun hanqina qubee dubbachiiftuufi dubbifamaa adda baasuu dhabuu qabaachusaa bira gaheera. Kanaafuu barattoota kutaa 1-4 barataniif qubee (sagalee dubbii) adda baafachuun dirqama waan ta'eef, meeshaan barnootaa kun qubee dubbifamaafi dubbachiiftuu adda baasee dhiyeessuun barbaachisaadha.

4.7. Dogoggora Qubee Haaraa Uumuu

Akka ragaan sanadarraa (siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4) mul'isutti yaadni barattoonni qubee haaraa ni baru jedhu meeshaa barnoota Afaan Oromoo kutaa tokkoffaa keessa jiraachuusaati. Yaadni kun immoo hanqina meeshaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti argamu ta'uusaa odeefkennitoonni ibsu. Sababiin isaas, qubeen achi keessa jiru kun jedhu odeefkennitoonni (barsiisonni) qubeewwan Afaan Oromoo kanuma dur kalaqamee jirudha malee kan haaraa kalaqame miti. Kanaaf karoorsa siilabasii yookaan qophii siilabasii kana keessatti caacculee karoorsa siilabasii barnootaa kanneen ta'an ilaalcha keessa galchuun barbaachisaadha. Isaanis kannneen akka kaayyoo, qabiyyee, malaafi madaalliidha.

Kanaafuu silabasii qopheessuuf gaaffiiwwan deebi'uu qaban jiru. Isaanis:

- *Who is going to refer to the syllabus?*
- *Which areas of the students' competence most require improvement to bring them up to the target level?*
- *What are the required target levels and how will you indicate them in a syllabus?*
- *How will you organize the syllabus? In other words, what factors will you decide up on as the basis for specifying the syllabus e.g. Topic, Function etc.*
- *How will you coordinate these factors so as to provide coherent statement which can guide the people who refer to the syllabus?*
- *How will you sequence items in the syllabus?*
- *How will you allow for revision and recycling?*

Akka ibsa kanarraa hubatamuutti, siilabasii qopheessuuf gaaffiiwwan deebi'uu qaban kanneen armaan gadiiti.

- Siilabasiin eenyuun sakatta'ama?
- Naannoo kamirratti barattoonni hojjechuu danda'u?
- Sadarkaan ijoo hojjetame maali? Siilabasii keessatti akkamiin dabalama?
- Siilabasiin akkamiin gurmaa'a? Fakkeenyaaf matadureen, tajaajilaanfi kan kana fakkaatan.
- Rakkoo kana ijaaruun akkamiin furmaata kennu?
- Ajajicha akkamiin tartiiba qabsiisuu?
- Irra deebi'uun akkamiin raawwatta? Kan jedhaniidha.

Yaadni kun kan nu hubachiisu, meeshaanbarnootaa tokko yommuu karoorfamee hojiirra oolu dhimmamtootaaf kan dhiyaatuudha. Dhimmamtoonni sun immoo waan sanarratti hubannoo qabaachuu ni dandaa’u. Fakkeenyaaf akka armaan olitti ibsametti meeshaan barnoota Afaan Oromoo kutaa tokkoffaa keessatti barattoonni qubee haaraa Afaan Oromoo ni baru kan jedhu akka hanqinaatti kan ilaalamuudha. Sabaabiin isaas qubeen haaraan bocame waan hin jirreef.

Bifuma kanaan siilabasiin karoora sirna barnootaafi ka’umsa sirna barnootaa ta’ee yeroo boqonnaaleedhaaf qoqqoodame, mala ittiin barsiifamu, eenyuun akka raawwatamu ibsuun, dhuma barnootichaatti barattoonni waan hubatan addeessuun, iddoofi qabiyyee barnootichaa eeruun, irra deebi’uun akkamitti akka raawwatamu madaaluun deebii barbaachisaa kenna jechuudha.

Hiika kana hubachuun immoo dogoggora siilabasii barnoota Afaan Oromoo kana keessatti uumame oolchuu danda’a.

Qoratichis, yaada odeefkennitootaafi ragaa siilabisicharraa argaterra ka’ee siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiru kundogoggora qubee haaraa uumu jedhu bira gaheera. Barattoonni qubeewwan (sagalee dubbii) Afaan Oromoo osoo mana barumsaa hin deemiin naannoo isaanirraa yookaan mana isaaniitti maatii isaaniirraa wanti baratan jiraachuu mala. Akkasumas, bifa faaruun yookaan sirbaan qubeen Afaan Oromoo kun waan jiruuf barattoonni waa’ee qubee kanaa quba niqabaatu. Fakkeenyaaf weellisaa kabajamoo Dr. (kabajaa) Alii Birraa “A, B, ... jennee jalqabnaa qubee Afaan Oromoo” jedhee weellisuudhaan waa’ee qubee Afaan Oromoo sammuu hawaasa Oromoo keessatti uumee jira. Akkasumas ijoolleen bifa faaruun maatii isaanirraa, hirriyyaa isaaniirraa, naannoo isaanirraa, Televiiziniin irraafi kan kana fakkaatan irraa waa’ee qubeewwan Afaan Oromoo hubannoo qabu. Kanaaf, barattootaafis ta’e hawaasa Oromoof meeshaaleen barnootaa bara 2006 Akka Lakkoofsa Habashaatti deeggarsamaallaqaafi teeknikaa ummata Ameerikaarraa karaa dhaabbata ‘USAID’tiin (United States Agency for International Development) argameen walta’insa hojii qophii siilabisichaarratti kanneen hirmaatan miseensota Afaan Dhalootaa digdamii sadiifi ogeessota sirna barnootaa ministeera barnootaa, eksipertoota biiroolee barnoota naannoofi ogeeyyiiwwan ‘READ TA’tiin (Reading for Ethiopian Assessment Development Technical Assistant) filataman kan qophaa’eedha. Isaanis leenjiiwwan adda addaa irratti gadfageenyaafi bal’inaan hirmaataniiru; Itiiyoophiyaa keessatti qorannoowwan gaggeeffaman: EGRA (Early Grade Reading Assessment),

qorannoowwan biyyoolessaa, gabaasota qorannoo siilabasii Afaan dhaloota irratti gaggeeffamaniin sakatta'amee qophaa'e kunqubeewwan (sagaleewwan dubbii) Afaan Oromoo haaraa boce yookaan uume osoo hin ta'iin isuma dur beektota Oromoon bocame sana iddoo yookaan tartiiba waljijjiiree dhiyeesse. Kanaaf, 'qubee haaraa uumuu' jechuurra; sagalee dubbii (qubeewwan) Afaan Oromoo ni baru osoo jedhe filatamaadha.

4.8. Dogoggora Akkaataa Sagaleessuu Qubeewwan Afaan Oromoo

Akka odeefkennitoonni (barsiisonni) ibsanitti akkaataan sagaleessuu qubeewwaan Afaan Oromoo dogoggora ta'uusaati. Fakkeenyaaf: akka barsiisonni ibsanitti dhamsagni D yommuu sagaleeffamtu [Di] yookaan [Dii] akkasumas B yommuu sagaleeffamtu [Bi] yookaan [Bii] kaanis bifuma kanaan sagaleeffamu kan jedhu of keessaa qaba. Kun immoo akkaataa sagaleessuu kan Afaan Oromoo osoo hin ta'iin kan Afaan biraa ta'uu mala. Akkaataa sagaleessuu qubee Afaan Oromoo yommuu ilaallu bifa kanaan miti. Fakkeenyaaf qubeewwan Afaan Oromoo armaan olitti ilaalle fudhannee haa ilaallu. Isaanis /B/ fi /D/ dha. Qubeewwan kana yommuu sagaleessinus sagalee dubbii (qubee) dubbachiiftuu Afaan Oromoo gabaabaa [a] yookaan sagalee dubbii (qubee) dubbachiiftuu Afaan Oromoo dheeraa [aa] fudhachuudhaan [Ba] yookaan [Baa] jechuun sagaleessina.

Akkasumas, [Da] yookaan [Daa] jechuudhaan sagaleeffamu. Kun waanuma uummanni Oromoo erga sagaleen dubbii (qubeen) Afaan Oromoo bocamee jalqabee itti gargaaramaa dhufedha. Sagaleewwan dubbii (qubeewwan) Afaan Oromoo akkasitti sagaleeffamuun isaanii qubeewwan (sagaleewwan dubbii) afaan biroorraa adda isa taasisa. Kanaafuu akka qorannichi mirkaneessutti akkaataan sagaleessuu qubeewwan Afaan Oromoo dogoggora ta'uusaa bira gaheera.

Boqonnaa Shan: Guduunfaa, Argannoofi Yaboo

Dhimmoonni as jalatti dhiyaatan hojiiwwan qorannoo kanaa kanneen jalqabaa kaasani jiran bu'uureffatu. Isaanis akka armaan gadiitti duraa duubaan kan dhiyaataniidha.

5.1.Guduunfaa

Qorannoon kun walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettiibarattootaa gidduugaleessa godhachuun kan jedhurratti kan adeemsifameedha. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas, walsimannaa qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuusaa sakatta'uudha. Qorannichis adeemsa raawwii adda addaa keessa kan darbedha. Kanaaf, qorannicha bu'aa qabeessa taasisuuf odeeffannoo madda ragaalee qabatamoo ta'anitti gargaarameera. Bifuma kanaan odeeffannoon qorannoo kana keessatti madda ragaa ta'e, madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaati. Akka madda ragaa tokkoffaati kan dhiyaate, sanada yookaan meeshaa barnoota sakatta'amu siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 jiruufi barruuleewwan waa'ee siilabasii afaanii irratti hayyoota adda addaan barreeffamaniidha. Akka madda ragaa lammaffaati kan dhiyaatan immoo, barsiisotaafi barattoota mana barumsa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 Fiichee daree Afaan Oromoo seenanii barsiisaniifi barataniidha. Akkasumas, ragaa daawwannaa dareerraa argamedha. Tooftaalee funaansa ragaalee kanneen akka sakatta'a sanadaa, afgaaffiifi daawwannaa daree filachuun gaggeeffameera. Malli iddattoo qorannoo kanaas, mala iddatteessuu akkayyootti (purposive sumpling) fayyadamuun gaggeeffameera. Sababiin isaas akaakuun iddatteessuu miti carraa kun qoratichi beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo kennuu danda'u jedhee amanu filachuun waan murteessuufiidha. Akkasumas, odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa qaama hubannoo dhimmicharraa qaburraa kallattumaan argachuuf yaadameeti. Bifuma kanaan qoratichi iddattoo barsiisotaa baay'ina dhiira afuriifi dhalaa sagal ida'ama kudha sadii keessaa barsiisota dhiiraa afuriifi barsiisota dhalaa sadii ida'ama torbaafi iddattoo dareewwan daawwatamanii baay'ina daree kudha sadii keessaa afur mana barumsa Abdiisaa Aagaa sadarkaa tokkoffaa kutaa 1-4 Fiichee keessatti argamu irratti xiyyeeffachuun adeemsifameera. Akkaataan xiinxala ragaalees mala akkamtaa ta'ee, yaada isaa ibsuun kan adeemsifameedha. Qabxiiwwan ijoo argannoo qorannoo (bu'aan xiinxala ragaalee qorannoo) kanaas, Tokkoffaa Qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti argaman kanneen akka: dandeettiiwwan afaanii,

beekumsa afaanii, seera madaallii, tooftaalee baruu barsiisuufi kan kana fakkaatanitu argamu. Lammaffaan qabiyyeewwan kanneen akka dandeettiinwan afaani mala baruu barsiisuu, gilgaalota/dalagaawwan adda addaafi tooftaa madaallii hanga tokko kan of keessatti qabu ta'ee, kunis dandeettii barattootaa waliin hanga tokko kan walmadaaledha. Sadaffaan hanqinoota qabiyyeewwan siilabasichaa: tartiibaan dhiyaachuu dhabuu qubeewwanii, qubee dubbifamaafi dubbachiiftuu adda baasuu dhabuu, dogoggora qubee haaraa uumuufi dogoggora akkaataa sagaleessuu qubeewwan Afaan Oromoo ta'uusaati. Arfaffaan,qabiyyeewwan hanqinoota siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti osoo dandeettiinfi fedhii barattootaa waliin wal hinsimiin qophaa'an kun barnoonni sun akka qabatamummaa hin arganneefi qisaasina yeroo akka fidu irra gahameera.

Yaadni furmaataa qorannoo kanaas, tokkoffaahayyoonni Oromoofi qaamni baratee, dhimma kanarratti hubannoofi fedhii qaban qorannoo gadifageenyaa osoo irratti gaggeessan gaarii ta'uu. Lammaffaa qaamonni dhimmi kun ilaallatu keessattuu sekterri barnootaa Eksipertoota sadarkaa sadarkaan jiran bobbaasuun galma ga'insa meeshaalee barnootaa kanaaf hordoffiifi to'annoo gahaa osoo taasisan gaarii ta'uusaa. Sadaffaan qubeen (sagaleen dubbii) Afaan Oromoo sammuu uummata Oromoo keessatti kan bocamee jiru tartiiba A, B, C, D, ... Z jedhuudhaan waan ta'eef qopheessitoonni meeshaalee barnootaa waan kana xiyyeeffannoo keessa osoo galchani sirreessan dansaa ta'uusaa. Arfaffaan akkaataan sagaleessuu sagalee dubbii (qubeewwan) Afaan Oromoo meeshaalee barnootaa kana keessatti dhiyaate osoo xiyyeeffannoo keessa galee akkaataa sagaleessuu afaanichaaf mijatutti dhiyaate gaarii ta'uusaa. Fakkeenyaaf sagaleewwan dubbii Afaan Oromoo /b/ fi /d/ akkaataa sagaleessuu [bi] fi [di] yookaan [bii]fi [dii] osoo hin taane akkaataa sagaleessuu [ba] fi [da] yookaan [baa] fi [daa] jechuudhaan yoo sagaleeffame gaariidha. Shanaffaan hojiin sirna barnootaa waan hedduun waan walqabatuuf kaayyoon isaa yommuu jijjiiramu barumsa hawaasummaa, diinagdeefi siyaasa jiruun yookaan dhimma hawaasaafi tajaajila hawaasaa irratti hundaa'ee osoo qophaa'e dansaa ta'uusaati.

5.2.Argannoo

Walumaagalatti qabxiilee ijoo argannoo qorannoo kanaa kanneen armaan gaditti ibsamaniidha.

- Qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti argaman kanneen akka: dandeettiiwwan afaanii, beekumsa afaanii, seera madaallii, tooftaalee baruu barsiisuufi kan kana fakkaatanitu argamu.
- Qabiyyeewwan kanneen akka dandeettiiwwan afaanii mala baruu barsiisuu, gilgaalota/dalagaawwan adda addaafi tooftaa madaallii hanga tokko kan of keessatti qabu ta'ee, kunis dandeettii barattootaa waliin hanga tokko kan walmadaaledha.
- Hanqinoonni qabiyyeewwan siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti mul'atan: tartiibaan dhiyaachuu dhiisuu qubeewwan (sagalee dubbii) Afaan Oromoo, qubeewwan (sagaleewwan dubbii) dubbachiiftuufi dubbifamaa Afaan Oromoo adda baasee dhiyeessuu dhiisuu, yaada dogoggora qubee haaraa uumuu jedhuufi dogoggora akkaataa sagaleesuu sagalee dubbii (qubeewwan) Afaan Oromoo jedhu fa'itu hubatama.
- Qabiyyeewwan hanqinoota siilabasii barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti osoo dandeettiifi fedhii barattootaa waliin wal hinsimiin qophaa'an kun barnoonni sun akka qabatamummaa hin arganne, humna namaa akka gaafatuufi qisaasina yeroo akka fidu irra gahameera.

5.3.Yaboo

Siilabasiin yookaan meeshaaleen barnootaa Afaan Oromoo bara 2006A.L.H'tti qophaa'e kun hanqina kan ofkeessaa qabudha. Kanaafis akka hanqinaattikanka'an:

- Tartiibaan dhiyaachuu dhabuu qubeewwanii/sagalee dubbii Afaan Oromoo.
- Qubeewwan dubbifamaafi dubbachiiftuu Afaan Oromoo adda baasuu dhabuu
- Dogoggora qubee haaraa uumuufi
- Dogoggora akkaataa sagaleesuu sagalee dubbii (qubeewwan) Afaan Oromoo fa'i.

Kanaafuu yaadni furmaataa qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- Hayyoonni Oromoofi qaamni baratee, dhimma kanarratti hubannoofi fedhii qaban qorannoo gadifageenyaa osoo irratti gaggeessan gaariidha.
- Qaamonni dhimmi kun ilaallatu keessattuu sekterri barnootaa Eksipertoota sadarkaa sadarkaan jiran bobbaasuun galma ga'insa meeshaalee barnootaa kanaaf hordoffiifi to'annoo gahaa osoo taasisan gaariidha.
- Qubeen (sagaleen dubbii) Afaan Oromoo sammuu uummata Oromoo keessatti kan bocamee jiru tartiiba A, B, C, D... Z jedhuudhaan waan ta'eef qopheessitoonni meeshaalee barnootaa waan kana xiyyeeffannoo keessa osoo galchanii sirreessan dansaadha.
- Akkaataan sagaleessuun sagalee dubbii (qubeewwan) Afaan Oromoo meeshaalee barnootaa kana keessatti dhiyaate osoo xiyyeeffannoo keessa galee akkaataa sagaleessuu afaanichaaf mijatutti dhiyaate gaariidha.Fakkeenyaaf sagaleewwan dubbii Afaan Oromoo /b/ fi /d/ akkaataa sagaleessuu [bi] fi [di] yookaan [bii] fi [dii] osoo hin taane akkaataa sagaleessuu [ba] fi [da] yookaan [baa] fi [daa] jechuudhaan yoo sagaleeffame gaariidha.
- Hojiin sirna barnootaa waan hedduun waan walqabatuuf kaayyoon isaa yommuu jijjiiramu barumsa hawaasummaa, diinagdeefi siyaasa jiruun yookaan dhimma hawaasaafi tajaajila hawaasaa irratti hundaa'ee osoo qophaa'e dansaadha.

Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa,(2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo: Maxxansaa 3^{ffaa}*:

Finfinnee, Oromiyaa.

Breen, M. P. (1989). *Process Syllabus for Language Classroom*.ELT Document 118.

Brindley, G. P. (1989).*The role of needs analysis in adult ESL programme design*.
Cambridge:Cambridge University Press.

Cunningsworth, A. (1995).*Choosing Your Coursebook*.Macmillan Heineman.

Dubin, F. and E. Olshtain,(1986). *Course Design: Developing Programmes and Materials for language learning*. Cambrige University Press.

Hutchinson, T. and A. Waters,(1987). *English for Specific Purposes*.Cambrige: Cambrige University Press.

I.S.P Nation and John Macalister (2010).*Language curriculum Design*. Published by Routledge
270 Madison Ava. New York. Ny 10016.

Kelly, A. V. (1989). *The Curriculum: Theory Practice*. London: Paul Chapman Pupliching.

McDonough, J. and Shaw, C. (1993).*Materials and Methods in ELT*. Oxford: Basil Blackwell.

Nunan, D. (1988). *Principles for designing language teaching materials*.Guidelines, 10(2), 1-24.

Mekasha Kassaye (1994). *A study of the syllabus of unity private language school in relation to the need of the learners*. For Degree of MA. Addis Ababa University.

Peyton, JWR (1998).*Teaching and Learning in Medical Practice*, Manticore Europe Ltd,
Rickmans-worth.

Richards, J. C. (1990). *The Language Teaching Matrix*.Curriculum, methodology, and materials.Cambridge language teaching library.

Richards, J. C. (2001).*Curriculum Development in language Teaching*. Cambrige: Cambrige University Press.

- Richards, J. C. and Rodgers, T. S. (2001). *Approaches and Methods in Language Teaching*. 2nd ed. New York: Cambridge University Press.
- Richards, J. C. and Willy A. Renandya (2002). *Methodology in Language Teaching*. An Anthology of current practice Cambridge University.
- Taba, H. (1962). *Curriculum Development*. Theory and Practice. New York: Harcourt Brace.
- Tolamaariyam Fufaafi Kaawwan (2006). *Kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa 1-4*. Ministeera barnootaa: Finfinnee: Oromiyaa.
- Tolamaariyam Fufaafi Kaawwan (2006). *Qajeelcha Barsiisotaa Afaan Oromoo Kutaa 1-4*. Ministeera barnootaa: Finfinnee: Oromiyaa.
- Tolamaariyam Fufaafi Kaawwan (2006). *Siilabasi barnoota Afaan Oromoo Kutaa 1-4*. Ministeera barnootaa: Finfinnee: Oromiyaa.
- Wong Pak Wing Lawrence (2011). *Textbook Evaluation: A framework for evaluating the fitness of the Hong Kong New Secondary School (NSS) Curriculum*. For Degree of MA of teaching English. City University of Hong Kong.
- Yaadasaa Tolasaa, (2008). *Malleen Qorannoo Waliigalaa*. Printed by Far East Trading PLC.

Dabalee A

Yuunivarsiitii Addis Ababaa Koollejii Namoomaa, Qoranno Afaanii, Jornaalizimiifi Qunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Afgaaffii Barsiisotaan deebi'u

Kabajamoo deebistoota:

- a. Kaayyoon waraqaa Gaafannoo kun funaansa odeeffannoo duraa waa'ee qorannoo M.A. Afaan Oromoon taasifamu mataduree “Sakatta'a walsimannaa qabiyyeewwan siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettii barattootaa gidduugaleessa godhachuun” jedhurrattiidha. Kanaaf gargaarsi keessan odeeffannoo qabatamaa ta'e kennuun baay'ee barbaachisaadha. Kanaafuu, kabajaan akka ibsitaniifi akka amanamummaan naaf deebistan kabajaan isin gaafadha.
- b. Maqaa keessan, maqaa mana barumsaa, kutaa barsiistan.
- c. Odeeffannoon kennitan bifa itti amanamummaan haa ta'u.

Gargaarsa keessaniif Galatoomaa!

Gaafannoo Afgaaffii

1. Qabiyyeewwan siilabasiifi kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 1-4fi dandeettiin barattootaa hagam walsimata?
 - 1.1. Gilgaalonni achi keessa jiran?
 - 1.2. Dandeettiiwwan afaanii achi keessa jiran?
 - 1.3. Malli baruu barsiisuu achikeessa jiru?
 - 1.4. Tooftaaleen madaallii kitaaba sana keessa jiran?
 - 1.5. Afoolli achi keessa jiru?

2. Qabiyyeewwan siilabasiifi kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 1-4fi fedhiin barattootaa

hagam walsimata?

2.1. Gilgaalonni achi keessa jiran?

2.2. Dandeettiiwwan afaanii achi keessa jiran?

2.3. Malli baruu barsiisuu achi keessa jiru?

2.4. Tooftaaleen madaallii kitaaba sana keessa jiran?

2.4. Afoolli achi keessa jiru?

3.Hanqinoonni qabiyyeewwan siilabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 keessatti

mul'atan maal fa'i?

4. Faayidaa walsimannaan qabiyyeewwan siilabasi barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4

dandeettii barattootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabu maali?

Dabalee B

Yuunivarsiitii Addis Ababaatti Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo afaanii, Jornaaliizimiifi Qunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Gaaffiilee Daawwannaa Dareef Dhiyaatan

Qabxiilee unkaa mirkaneeffannaa (checklist) odeeffannoo daawwannaa daree barnoota, haala baruu barsiisuu barnoota Afaan Oromoo kutaa 1-4 daawwachuun ragaan ittiin funaaname.

I. Odeeffannoo Daawwii waliigalaa:

- a. Maqaa Godinaa _____ Aanaa _____
- b. Maqaa mana barumsaa _____
- c. Maqaa barsiisaa/ttuu daawwatamee/ttee _____
- d. Guyyaa _____
- e. Wayitii _____
- f. Kutaa _____
- g. Daree _____

II. Odeeffannoo waliigalaa waa'ee barsiisaa/ ttuu daawwatamee/ttee

1. Saala a. dhiira b. dhalaa
2. Sadarkaa barnootaa a. TTI (sertifikeetii) b. Dippiloomaa c. Digirii
3. Muuxannoo tajaajilaa waggaan a. 5 gadi b. 6-10 c. 11-15 d. 16-20 e. 21-25 f. 26 ol
4. Gosa barnoota ittiin leenji'e yookaan eebbifame?
 - a. Afaan Oromoo b. gosa barnoota biroo _____

Qabxiwwan xiyyeeffannoo daawwannaa daree

Lak k.	Qabxiilee daawwannaa 1-11'tti jiran barsiisota, barattoota, meeshaalee barnootaa kan ilaallataniidha.	Baay' ee olaan aadha	Olaan aadha	Quub saadh a	Gad aan aad ha	Baay' ee gada anaa dha
1	Barsiisaan qophii guutuu qabu guutee daree seenuunsaa (kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, karooraafi k.k.f)					
2	Qabiyyeewwan barsiisaa jiru/jirtu siilabasi qophaa'e waliin walunataa?					
3	Gilgaalonni dhiyaatan dandeettiifi fedhii barattootaa gidduugaleessa godhachuunsaa (kakaasuu, hojjechuu, hirmaachuu)					
4	Dandeettiwwan afaanii dhiyaatan dandeettiifi fedhii barattootaa gidduugaleessa godhachuunsaa (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu)					
5	Tooftaaleen madaallii dhiyaatan dandeettiifi fedhii barattootaa waliin walsimachuunsaa (shaakala waldeggersaa, to'annaafi daawwannaa alidilee, yaada utubaa deggersaa, qajeelfama keessa deebii, jechoota agarsiisuu, deebii sochii qaamaafi k.k.f)					
6	Malli baruu barsiisuu itti dhiyaatu dandeettiifi fedhii barattootaa waliin walsimachuunsaa (mala baruu barsiisuu Afaan dhalootaa)					
7	Wanti barsiifamaa yookaan baratamaa jiru koornayaafi hirmaannaa fayyadama afaaniif xiyyeeffannoo kennuunsaa (sadarkaa jechaatti, sadarkaa seerlugaatti, sadarkaa ogbarruutti)					
8	Wanti barsiifamaa yookaan baratamaa jiru					

	qindeeffama sirrii qabaachuunsaa (kutaafi semisteera, qaamota dandeettii afaanii, tooftaawwan barsiisuufi madaallii, ergaawwan)					
9	Haalli dhihaatina (approach) baruu barsiisuu sun dandeettiifi fedhii barattoota gidduu galeessa godhachuunsaa					
10	Tartiibni baruu barsiisuu ittiin dhiyaatu kutaa keessatti barattoota kakaasuunsaa (salphaa gara xaxamaatti)					
11	Barnoonni kennamaa jiru dandeettiifi fedhii barattoota gidduugaleessa godhachuunsaa (haala naannoo: barattota, barsiisota, haala), (fedhii: carraa, hawwii, barbaachisummaa)fi (piriinsipiloota: kaka'umsa, haala barachuu, barnoota dabarsuu, sirrummaa)					

Dabalee C

Maqaa Namoota Odeeffannoo Kennanii

Lakk	Maqaa Barsiisotaa	Saala	Kutaafi daree	Sadarkaa barnoota isaanii	Muuxannoo Hojiisaanii
1	Waagayee Fayyee	Dhalaa	1 ^{ffaa} C	Dippiloomaa	Waggaa 16
2	Kabbadaa Nagguu	Dhiira	1 ^{ffaa} A	Digirii jalqabaa	Waggaa 33
3	Faxxanaa Baqqalaa	Dhiira	2 ^{ffaa} D	Digirii jalqabaa	Waggaa 18
4	Ifineesh Taaddasaa	Dhalaa	2 ^{ffaa} A	Dippiloomaa	Waggaa 20
5	Miliyoon Tafarraa	Dhiira	3 ^{ffaa} C	Dippiloomaa	Waggaa 12
6	Bizuneesh Kurfaa	Dhalaa	3 ^{ffaa} A	Dippiloomaa	Waggaa 15
7	Birhaanuu Mashashaa	Dhiira	4 ^{ffaa} B	Dippiloomaa	Waggaa 32

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhihaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____